



Initiative Africa



# Maanuwaalii Filattootaaf Barumsiittiin Kennamuu





## Contents

Seensa .....	1
Kayyoo Manuwalichaa .....	1
Fayyadamtoota Manuwaalichaa .....	1
Sirna Walbarii Hirmaatootaa: .....	1
Boqonnaa 1: Diimokraasi fi Diimokraasii Heeraa.....	2
Boqonnaa 2: Dhaabbilee Bakka-Bu’iinsa Uummataa Itoophiyaa Keessatti .....	4
2.1. Sirna Mootummaa Itoophiyaafi Caaseffama Mootummaa .....	4
2.2. Mootummaa Federaalaatti Dhaabbilee Bakka-bu’ummaa Uummataa.....	5
Mana Maree Bakka-bu’oota Uummataa .....	5
Mana Maree Federeeshinii .....	8
Boqonnaa 3: Haala Caaseffamaa, Aangoo fi Hojiiwwan Boordii Filannoo Itoophiyaa .....	9
3.1. Caaseffama Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itiyooophiyaa .....	10
3.1. Waajjira Boordii Damee Nannoo.....	12
3.2. Naannolee Filannoo .....	12
Naannolee Filannoo .....	13
3.3. Buufataalee Filannoo .....	13
3.4. Hojiiwwanii fi Itti-gaafatamummaa Raawwachiiftota Filannoo .....	14
Dura-taa’aa Buufata Filannoo, Lakkaawwiin Sagalee Osoo Hin Eegalamiin Dura: .....	16
Boqonnaa 4: Dambiiwwan Filannoo fi Adeemsaawwan Filannoo Itoophiyaa .....	18
4.1. Seera Filannoo Itoophiyaa fi Akaakuuwwan Filannoo Adeemsifamanii .....	18
4.2. Filannoo fi Dimokiraasii.....	19
4.3. Wa’ee Odeeffannoo Filannoo Filattootaaf Kennamanii .....	19
4.4. Galmee Filattoota:.....	20
4.5. Galmee Kaadhimamtootaa .....	22
4.6. Wa’ee Duula Filannoo .....	22
4.7. Wa’ee Kenniinsa Sagalee .....	23
Adeemsa Kenniinsa Sagalee.....	24
Wa’ee Waraqaa Kenniinsa Sagalee.....	25
<b>4.8. Haala Lakkaawwii Sagalee fi Adeemsa Bu’aan Filannoo Ittiin Ibsamu.....</b>	<b>26</b>
Ibsa Ifa Ta’e .....	28
Boqonnaa 5: Mirgaa fi Itti-gaafatamummaa Lammiilee Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti .....	29
5.1. Mirgoota Lammiilee Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti .....	29

5.2.	Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti Hirmaannaa Lammiilee Filachuu fi Filatamuun Alatti .	30
	<b>Hirmaannaa Lammiileen Taajjabdummaa Filannoo Keessatti Taasisan .....</b>	<b>30</b>
5.3.	Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti Hirmaannaa Dubartootaa .....	31
5.4.	Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti Hirmaannaa Qaama-miidhamtootaa .....	31
Boqonnaa 6: Adeemsa Filannoo Keessatti Dhaabbata Iyyannaa fi Falmiin Itti Gageeffamu fi Haala Itiin Keesummesamu .....		33
6.1.	Komiiwwanii fi Waliigaltee Dhabina Innaa Filannoo Uumaman .....	33
6.2.	Sirnaa fi Dhaabbilee Komiiwwanii fi Iyyata Adeemsa Filannoo Keessatti Uumaman Furan	35
6.2.1.	Falmiiwwan Adeemsa Galmee Filattootaa Irratti Ka’an .....	35
6.2.2.	Falmiiwwan Adeemsa Galmee Kaadhimamtootaa Keessatti Ka’an.....	36
6.2.3.	Falmiiwwan Adeemsa Kenniinsa Sagalee Keessatti Ka’an.....	37
6.2.4.	Adeemsa Sagalee Lakkaa’uu fi Bu’aa Filannichaa Irratti Wa’ee Falmiiwwan Ka’anii ...	37

## Seensa

Boordiin filannoo biyyaalessa Itoophiyaa mirgi filattootaaf barumsa lammummaaf amala gaarii irratti leenjii kennuu fi leenjiin Kun dhaabbilee birootiin akka kennamu heeyyamuu fi qindeessuu seeraan kennameefii jira. Itti-gaafatamummaa kana ba'achuuf haala dandeessisun qophii sanada leenjii barumsa lammummaa fi amala gaarii qopheesu irra turee jira. Maanuwaaliin leenjiin ittiin kennamu kunis boordichi bara 2013 keessa maanuwaalii qopheessee itti fayyadamaa ture fooyyessuudhaan '**Inisheetiiv Afikaan**' qopha'ee kan dhiyaatedha.

### Leenjiin filattootaa kayyowwan armaan gadii qaba :

1. Maalummaa seerota filannoo hubachuu fi seeronn kun bilisa, loogiiin alaa fi amanamummaan filannoo raawwachiisuu akka dandeesisan amantaa uumuf;
2. Hojii fi ittigaafatamummaa qaamolee raawwachiftuu filannoo hubachuun dhaabileen kun dandeetii bilisa, loogiiin alaa fi amanamummaan filanicha gageesuu qabu amantiin akka fudhatan taasisuuf;
3. Qaamni seeraafi sirna hordofuu jirachuu isaanitii fi adeemssa hojii isaani hubachuu;
4. Lamiileen filannoo gageesuu isaatiin ga'ee ittigaafatamummaa akka qaban hubachiisuu danda'udha. Maanuwaaliin leenjii kun qabiyyee galma lamummaaf amala gaarii fi leenjii filattootaa armaan olitti hubataman kan ofkeessaa qabudha.

### Kayyoo Manuwalichaa

Kayyoon maanuwalii kanaa leenjitoonni (ummanni filannoo irratti hirmaatan fi rawwachistonni) beekumsa, dandeeti fi amala lammummaaf amala gaarii akka dagagfatan akkasumas waa'ee filannoo dimokraatawaa hirmaanaa lamilee irratti beekumsa akka argatan dandeesisudha. Bareefamni kun leenjitoota beekumsa raga waa'ee filannoo fi sirna dimokraatawaa qabachiisuu qofa osoo hintaane adeemsa fi milkaa'ina dimokraasii irratti ilaalchi gaariin lamilee biratti akka uumamu taasisudha.

### Fayyadamtoota Manuwaalichaa

Fayyadamtoonni bareefama kanaa leenjitoota leenjii filattoota kenuuf qopha'an.

#### Sirna Walbarii Hirmaatootaa:

Haala mijeestoosni sagantichaa ofii isaanii namoota biro waliin walbarsiisun leenjistoosni fi leenjitoonni tartiiban akka walbaruu danda'an taasiisuu. Innaa kana wantoonni armaan gadii akka ka'an gaafatamuu qabu.

- ✓ Maqaa
- ✓ Haala hojii fi barumsaa
- ✓ Hirmaanaa filannoo dabree irratti qaban
- ✓ Bu'aa leenjii kana irraa eegatan

## Boqonnaa 1. Diimokraasi fi Diimokraasii Heeraa

### Leenjitoonni leenjii boqonnaa kanaan booda :

- Maalummaa dimokrasii ni hubatu.
- Meeshalee agarsiistuwwan dimokrasii bakka bu'ummaa ni tareesu.

### Gocha 1: Marii Waliigalaa

**Leenjisa** :- Gafilee armaan gadii gaafachun ka'umsa marii taasisaa

1. Dimokrasii jechuun maal jechuudha?
2. Jecha '**dimokraasii**' jedhu innaa dhageessan sammuu keessanitti kan dhufu maali?
3. Diimokraasii bakkabu'ummaa jechunn maal jechuudha?
4. Itiyoo phiaa keessa dimokrasiiin baka bu'ummaa jiraachuuf agarsiistuun maali?

**Leenjisa** :- yaadota bareefama armaan gadii keessa jiran calaqqisiisun marii xumura.

**“Dimokiraasii”** jechuun jecha Afaan Ingilizii yoo ta'u, maddi isaa inni kallattii jecha Afaan Faransaay, '**democratie**' jedhu irraa dhufe. Jechichi qaama Afaan Ingilizii ta'ee kan fudhatame jaarraa 16ffaa keessa yoo ta'u, maddisaa inni bu'uura jecha Giriik, "**Dimokiraashiyaa**" (Demokratia) jedhu ture. Jechi '**demokratia**' jedhu jechoota Giriik: 'demos' fi 'kratos' jedhan irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaanis 'demos' jechuun uummata yoo ta'u, 'kratos' jechuun immoo bulchiinsa ykn gaggeessummaa jechuudha. Kanaafuu, hiika isaa kallattii fi durdur irraa dhufe kanaan, dimokiraasii jechuun uummata ofiin of bulchu jechuudha.

Ibsituuwwan dimokiraasii bakka-bu'iinsaa, filannoo qaamoleen hawaasaa umuriin isaanii ga'e hundi itti hirmaatan adeemsisuu, filannichi yeroo murtaa'eef osoo addaan hin citiin adeemsifamuu; walaba, dhiibbaa qaamolee hundaarraa bilisa kan ta'ee fi amanamaa ta'uu isaa; mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, walga'ii adeemsisuu, gurmaa'uu fi dhaabbileen dhimmoota kanneeniin hariiroo qaban jiraachuu isaaniiti. Dimokiraasiin bakka-bu'iinsaa dirree dimokiraasii haalonni kunniin keessatti guutaman keessatti, sirna lammiileen bakka-bu'oota isaanii bilisaan filatanii ittiin bulanidha.



Hiikni bu'uuraa dimokiraasii bakka-bu'ummaa uummanni ykn kanneen bakka-bu'aa isaanii filatan, sirna bulchiinsaa karaa bakka-bu'oota isaaniitiin ittiin of bulchaniif fi murteewwan adda adda ittiin dabarsanidha. Sirni kunis bal'inaan diriiree yoo hiikamu, hanga uummanni murteessetti qabiyyeen murteewwanii waanuma fedhellee yoo ta'e, karaa dimokiraatawaa ta'een uummataan murtaa'uudhaan hojiirra ooluu ni danda'u jechuun yaadicha goolabuu ni dandeenya. Kunis fakkeenyaaf, hanga uummanni murteesse jirutti mirgi namoota dhuunfaa sarbamu nidanda'a, yaada jedhutti nugeessa. Haata'u malee, rakkoowwan akkanaa kun akka hin uumamneef biyyoota dimokiraasiin qixa sirrii ta'een hojiirra itti oolutti, hojiirra oolmaa dimokiraasii, bu'ura heerummaafi olaantummaan seeraa waliin qindoomuufi waldeeggaranii walitti dabalamuudhaan hojiirra oolu. Sirni kunis sirna bu'ura heerummaa (constitutional democracy) jechuudhaan beekama.

Sirna dimokiraasii bu'ura heerummaa keessatti, aangoon mootummaa uummataan filatamee heeraan kan daangeffamedha. Karaa biraatiin, heerri aangoofi itti-gaafatamummaa mootummaa uummataan filatamee; akkasumas, daangaa turtii yeroo aangoon mootummaa nimurteessa.

## Boqonnaa 2: Dhaabbilee Bakka-Bu'iinsa Uummataa Itoophiyaa Keessatti

Leenjitoonni barannoo boqonnaa kanaa erga baratani booda:

- Sirna mootummaan Itoophiyaa hordoftuu fi caaseffama mootummaa ni hubatu.
- Ibsituuwwan sirna federaalawaa Itoophiyaa ijoo ta'an ni hubatu.
- Maalummaa dhaabbilee bakka bu'oota uummataa sadarkaa mootummaa federaalaattis ta'ee naannolee jiran, aangoo fi hojmaata isaanii ni baru.

### Gocha 2.1: Marii Garee

**Leenjisa** : leenjitoota shan shaniin ta'anii garee akka ijaaran taasisuun gafii armaan gadii irratti marii taasisaa.

- Sirni mootummaan Itoophiyaa parlaameeterii waan ta'eef ijoon ibsituu isaa maal fa'i? **Leenjisa** :- qabxiwwan marii gareewwan tokkoo tokkoo hirmaatotaaf dhiyeesun mariin walii gala hataasifamu. Dhuma irratti yaadota bareefama itti anu irra jiran calaqqisiisun mariin haxumuramu.

### 2.1. Sirna Mootummaa Itoophiyaafi Caaseffama Mootummaa

Itoophiyaan, sirna mootummaa paarlaamaan bultu ta'uu ishee keeyyata 45 jalatti ifaan ifatti tumamee jira. Caaseffamni mootummaa Itoophiyaas sirna federaalawaa ta'uusaa ifaan ifatti tumameera; naannoleenis hundeeffamaniiru; daangaa mootummoota lamaanii jidduuttis qoqqoodinifi aangoon taasifameera.

Sirni mootummaa paarlaamaan bula ennaa jennu agarsiiftuuwwan ijoon kanneen armaan gadiiti:

- Kallattiidhaan uummataan kan filatamu seera baastuu, mana maree bakka-bu'oota uummataati.
- Qaamni seera raawwachiisu inni guddaan (muummichi ministeeraa) hojii kanaaf kallattiidhaan uummataan hin filatamu; qaamni seera raawwachiisu inni guddaan, miseensa mana maree qaama seera baasuu kan ta'ee fi kan moggaafamus manuma maree kanaani.
- Muummicha ministeeraa dabalatee miseensonni kaabinee (manni maree ministeerotaa) waliigalaa miseensota mana maree bakka-bu'oota uummataa ta'uu ni danda'u. Kanaafuu, qaama seera baasuu fi qaama seera raawwachiisu jidduu qoqqoodinsi humna namaa ifa ta'e hin jiru.
- Muummichi ministeeraa fi kabineen isaa aangoorra turuu kan danda'an paartii mana maree bakka bu'oota uummataa keessatti teessoo sagalee caalmaa qabu ykn heeyyamaa fi deeggarsa paartilee waliigalaatiin yoo ta'e qofadha. Kanaafuu, manni maree bakka-bu'oota uummataa, muummicha ministeeraa fi mana maree ministeerotaa irratti olaantummaa aangoo siyaasaa ni qaba. Haalli kunis heericha keessatti ifaan ifatti taa'ee jira; keeyyata 50(3): "Qaamni aangoo federaalaa olaanaa, mana maree bakka-bu'oota



uummataa federaalaati; itti-waamamni isaas uummata biyyattiitiifidha.” Keeyyata 72(2): muummichi ministeeraa fi manni maree ministeerota, itti-waamamni isaanii mana maree bakka-bu’oota uummataatiifidha.”

Qaxiilee agarsiiftuuwwan sirna paarlaamaa mootummaa federaalaa Itoophiyaa olitti kaafne bulchiinsa naannolee (bulchiinsota magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawaa dabalatee) ni ilaallata. Itti waamamni isaas Dura-bu’oonni bulchiinsa naannolee miseensota mana maree naannoleeti; itti-waamamni isaaniis mana maree naannoliitifiidha. Qaamni aangoo guddaan naannoo mana mare naanichati. Ittiwaamamni isaas ummata bakka buusef. (Heera biyyattii keeyyata 50(3) jalatti akka tumametti.) Manni maree bulchiinsa naannolee (bulchaan naannoo fi kaabineen isaa) aangorra turuu kan danda’an paartii mana maree naannoo keessatti sagalee caalmaan filatame ykn deeggarsa paartilee hundaa yoo argate qofadha.

### **Gocha 2.2 : Marii Garee**

**Leenjisa** : Leenjitoota garee lamaan qoodaa. Garee tokko mana maree bakka bu’oota uummataa kan biroo mana mare feedireeshiniitti miseensumaan haala itti filataman irratti fi mana maree tokko tokko irratti ittigafatamummaa fi hojii isaani irratti yamari’atan.

**Leenji’aa** : Qabxiwwan gareewwan irratti mari’atan gara bakka buutota isaanitiin dhiyeesun marii waligalaa gageessaa. Dhuma irrattis yaadota armaan gadii calaqqisiisun marii xumuri.

## **2.2. Mootummaa Federaalaatti Dhaabbilee Bakka-bu’ummaa Uummataa**

Sadarkaa mootummaa federaalaatti bakka-bu’ummaan uummataa kan itti taasifamu mana maree lamatu jira. Isaanis, mana maree bakka-bu’oota uummataafi mana maree federeeshiniiti. Haata’u malee, itti-waamamni isaanii mootummaa federaalaatiif kan ta’an, bulchiinsi magaalaa Finfinnee fi bulchiinsi magaalaa Dirree Dawaas mana maree magaalaa isaanii kan qaban yoo ta’u, magaalaa Finfinneetti dabalataan manni maree kutaawwan bulchiinsaa fi manni maree gandootaa kan jiran yoo ta’u, bulchiinsa magaalaa dirree Dawaatti manni maree gandootaa ni jiru.

## **Mana Maree Bakka-bu’oota Uummataa**

Miseensonni mana maree bakka-bu’oota uummataa sirna filannoo hunda-galeessa, walaba, hirmaannaa kallattii, karaa sirrii ta’ee fi sagaleen icciitiin kennamuun waggoota shan shaniin uummataan filatamu. Lakkoofsi miseensota mana maree bakka-bu’oota uummataa waliigalaa 550 caaluu hin qabu. Filannoowwan hanga ammaatti adeemsifamaniin, miseensonni mana maree bakka-bu’oota uummataa 547 turani. Kunis biyyattiin naannoowwan filannoo 547 tti qoqqoodamuudhaan tokkoo tokkoo naannoo filannootti dorgomtoota dhiyaatan keessaa dorgomaan tokko qofti kan itti filatamudha jechuudha. Miseensonni mana marichaas karaa lamaan filatamu:

1. Sirna addaa saboonni fi uummattoonni lakkoofsaan xiqqoo ta'an filannoodhaan bakka-bu'ummaa keessatti argatan, digdamaa gadi kan hin taane xiyyeeffannoo addaatiin bakka-bu'ummaa fudhatan
2. Miseensonni mana marichaa hafan kan filataman naannoo filannoo tokko keessatti dorgomtoota biroo keessaa sirna filannoo dorgommiin sagalee caalmaa argachuun kan mo'ataani dha.



Miseensonni mana maree bakka-bu'oota uummataa bakka-bu'oota uummata biyyattii waliigalaati. Bakka-bu'oonni kunniin itti waamamni isaanii,

- Heera biyyattiitiif
- Uummataa fi
- Sannuu isaanitiif qofa akka ta'e heerri biyyattii haala mamii hin qabneen kaa'eera.

Miseensonni mana marichaa, hojii isaanii ijoo kan ta'e hojiiwwan bakka-bu'ummaa sodaa fi dhiphina tokko malee uummataa akka raawwataniif jecha sababa sagalee ykn yaada mana marichaa keessatti kennaniitiin hin himataman; tarkaanfiin bulchiinsaa irratti hin fudhatamu. Kana malees, miseensi mana maree tokko yakka cimaa wayita hojjatu fuuleen yoo qabameen alatti heeyyama mana marichaatiin alatti hin qabamu; yakkaanis hin himatamu. Miseensi mana maree tokko uummanni isa filate yoo amantaa irraa dhabe yeroon filannoo namni kuni filatameef osoo hin xumuramiin miseensummaan mana marichaa irraa kaafamuu akka danda'u heera biyyattii keessatti tumameera. Sirni miseensummaa irraa kaasuu kan raawwatamu daangaa seeraa labsii lakk. 88/1989 keessatti kaa'ameera. Labsii kana keessatti, filattoonni bakka-bu'aa filatan mirga gamaaggamuu, qeequu fi qorachuu akka qaban tumameera.

Manni marichaa mootummaan federaalaa inni bu'uuraa dhaabbata bakka-bu'ummaa uummataa kallattiidhaan qabu waan ta'eef, seera baasuu irratti dabalataan aangoo fi hojiiwwan dabalataa hedduu qaba. Isaanis, heera biyyattii keeyyata 55 jalatti tarreeffamaniiru. Akkaatuma kanaan, aangoo fi hojiiwwan mana marichaa: seera baasuu, dhaabbilee gurmeessuu/hundeessuu, qaama seera raawwachiisuu to'achuu, imaammataa fi tarsiimoowwan biyyaalessaa mirkaneessuu, nageenyaa fi tasgabii biyyattii eegsisuu, muudama abbootii murtii fi muudama mootummaa olaano kennuu/mirkaneessuu fi aangoo fi itti-gaafatamummaa kana fakkaatan akka raawwatan heera biyyaatiin kennameefii jira. Aangoo fi hojiiwwan heerichi mana maree bakka-bu'oota uummataatiif kenne keessaa isaan ijoon kan armaan gadiiti:

1. Gama seera baasuutiin, dhimmoota daangaa aangoo mootummaa federaalaa kamiyyuu keessa jiran irratti aangoon seera baasuuf qabu akkuma jirutti ta'ee, dhimmoota armaan gadii irratti tarreeffama seeraa baasuu akka danda'u keeyyata 55 jalatti tumameera;
  - a. Fayyadama lafaa fi qabeenya uumamaa; akkasumas, haala fayyadama bishaanii fi haroowwan daangaa qaxxaamuranii ykn kanneen naannoo tokkoo ol walitti hidhanii yaa'anii,

- b. Waljijjiirraa daldalaa naannolee jidduutti adeemsifamanii; akkasumas, dhimmoota daldala biyya alaa ilaallatan,
  - c. Daandiiwwan qilleensaa, baaburaa, geejjiba doonii fi yabalaa, poostaa fi tajaajila qunnamtii teelee ykn bilbilaa; akkasumas, daandiiwwan bu'uuraa naannolee lamaa fi lamaa ol walqunnamsiisan ilaalchisee;
  - d. Mirgoota siyaasaa heera kanaan mirkanaa'an raawwachiisuuf; akkasumas, filannoo ilaalchisee;
  - e. Dhimmoota mirga lammummaa, immiigireeshinii, wa'ee paaspoortii, gara biyyaatti seenuu fi biyya keessaa ba'uu; akkasumas, dhimmoota baqattootaa fi maxxantummaa siyaasaa ilaalchisee;
  - f. Sadarkaa madaallii hangaa walfakkaataa fi safartuu yeroo; mirgoota kalaqaa fi aartii; akkasumas, meeshaalee waraanaa to'achuu ilaalchisee;
  - g. Seera dhimma hojjattootaa, seera daldalaa, seera adabbii yakkaa,
  - h. Hawaasa dinagdee tokkoo uumuuf mootummaa federaalatiin seerri akka ba'uuf kan dirqisiisan ta'uu isaaniitiif mana maree federeeshiniitiin seerotni hariiroo hawaasaa fudhatama argachuu isaanii;
  - i. Maallaqa, bulchiinsa baankii biyyaalessaa, jijjiirraa fi sharafa biyya alaa ilaalchisee tarreeffama seeraa;
2. Aangoo fi hojiiwwan mana maree bakka bu'oota uummataa seera baasudhaan ala kanta'an kanneen armaan gadiiti:
- a. Mootummaan federaalaa, raayyaan ittisa biyyaa, haalli ijaarsa tika nageenyaa fi humna poolisii ni murteessa;
  - b. Akkaataa heera biyyatiitiin ibsameen, labsi yeroo muddamaa qaamni seera baasu qopheessu ilaaluun ni murteessa;
  - c. Akkaataa wixinee seeraa manni maree ministeerota qopheessuutiin labsii waraanaa ni labsa;
  - d. Imaammataa fi tarsiimoowwan dinagdee, hawaasummaa, misoomaa; akkasumas, imaammata faayinaansii fi maallaqa biyyattii akka waliigalaatti ni mirkaneessa;
  - e. Akkaataa daangaa madda galii mootummaa federaalaatiif ramadameetiin gibiraa fi galii ni ramada; baajata mootummaa federaalaa ni mirkaneessa;
  - f. Walii galteewwan idil-addunyaa qaamoleen seera raawwachiisan walii galchan ni mirkaneessa;
  - g. Abbootii murtii manneen murtii federaalaa, miseensota mana maree ministeerota, komiishineeroota, odiiteroota bu'uuraa; akkasumas, muudama aanga'oota biroo muudamni isaanii mana marichaatiin mirkanaa'uu qabu ni mirkaneessa;
  - h. Komiishinii mirga namoomaa fi dhaabbata eegduu imimmaanii ni hundeessa; aangoo fi itti-gaafatamummaa isaanii ni murteessa;
  - i. Naannoo kamiyyuu keessatti mirgi namoomaa ennaa sarbamanii fi naannichi gochicha dhaabsisuu yoo dadhaban, heeyyama naannichaatiin alatti kaka'umsa ofii isaatiin tarkaanfii akka fudhatu, mana maree federeeshinii fi mana maree bakka-bu'oota uummataatiif gaaffii walga'ii waliinii ni dhiyeessa; akkaataa yaada irratti walii galaniitiin naannichaaf qajeelfama kenna;

- j. Manni marichaa aangoo muummicha ministeeraa fi aanga'oota mootummaa federaalaa biroo gaaffiidhaaf waamuu fi qaama seera raawwachiisu sakatta'uu ni qaba.
- k. Aangoo qaama seera raawwachiisuu kenname kamirratti iyyuu miseensonni mana marichaa sagalee tokko sadaffaadhaan yoo gaafatan, manni marichaa ni mari'ata; manni marichaa aangoo dhimmicha irratti mari'achuu fi tarkaanfii barbaachisaa ta'ee itti mul'ate fudhachuu ni qaba;
- l. Manni marichaa Af-yaa'ii fi itti'aanaa af-yaa'ii ni filata; koreewwan dhaabbii fi yeroo barbaachisoo ta'an ni hundeessa.

Itoophiyaan sirna mootummaa paarlaamaan bulu waan hordoftuuf sadarkaa federaalaatti qaama seera raawwachiisu kan hundeessuu fi hogganu mana maree bakka-bu'oota uummataa keessatti paartii siyaasaa sagalee caalmaa (teessoo dhibbentaa 50+1) kan argate ykn paartilee gamtoomanidha. Kanaafuu, manni maree bakka-bu'oota uummataa, sadarkaa federaalaatti qaama seera raawwachiisuufis madda ta'a jechuudha.

Miseensota mana maree bakka-bu'oota uummataa keessaa harka walakkaadhaa ol yoo argaman manni marichaa hojmaata guyyaa raawwachuu ni danda'a. Heera biyyattii keessatti ykn seerota birootiin ifaan ifatti yoo tumamaniin alatti, murtoowwan mana marichaa kamiyyuu kan taasifaman sagalee caalmaa yaa'ii mana marichaatiini. Yeroon hojii waggaa mana marichaas (jidduutti heeyyama ji'a tokkoo kan fudhatu ta'ee), guyyaa Wixataa dhuma ji'a Fulbaanaa irraa eegalee hanga Waxabajjii 30 tti.

## Mana Maree Federeeshinii

Manni maree federeeshinii mootummaa federaalaa keessatti mana maree isa lammaffaadha. Manni maree kuni adeemsa fooyya'insa heera biyyattii keessatti hirmaannaa taasisuun alatti aangoo kallattiidhaan seera baasuu hin qabu. Manni maree federeeshinii, mana maree naannoleen miseensa mootummaa federaalaa ta'anii saboota, sablammootaa fi uummattoota biyyattii bakka-bu'an keessatti argamanidha. Haala bakka-bu'iinsa isaanii ilaalchisee, akkaataa heera biyyattii keeyyata 61 jalatti tumameen, tokkoo tokkoon sabootaa, sablammootaa fi uummattoota yoo xiqqaate bakka-bu'aa tokko ni qabaatu. Dabalataanis, sabaa fi sablammii miliyoona tokkoof bakka-bu'aan dabalataa tokko ni jiraata. Haala filannoo miseensota mana maree federeeshinii ilaalchisee, miseensonni mana maree naannoleetiin akka filataman heera biyyattii keessatti tumameera. Manni maree naannolee ofuma isaaniitiin miseensota filatu yookin immoo, miseensonni kunniin kallattiidhaan uummataan akka filataman gochuu ni danda'u.

Aangoo fi hojiiwwan mana marichaa heera biyyattii keeyyata 62 jalatti tarreeffaman kanneen armaan gadiiti:

- Koree calaltuu heeraa gurmeessuu,



- Mirga sabootaa, sablammootaa fi uummattootaa mirga hiree mataa ofii ofiin murteeffachuu hanga foxxoqinaatti ilaalchisee gaaffilee ka'an irratti akkaataa heera biyyattiitiin murteessuu,
- Walqixxummaan uummattootaa fi tokkummaan fedhii isaanii irratti hundaa'e akka lafa qabatuu fi gabbatu gochuu,
- Naannolee jidduutti waldiddaa uumamuuf furmaata barbaaduu,
- Galiiwwan waliinii jedhamuun naannolee fi mootummaa federaalaatiif ramadaman jidduu isaanitti haala ittiin qoqqoodamu; akkasumas, shallaga mootummaan federaalaa naannoleef baajata dabalataa itti kennu murteessuu,
- Dhimmoota hariiroo hawaasaa mana maree bakka-bu'oota uummataatiin seerri ba'uufii qabu adda baasuu,
- Naannoon kamiyyuu heera biyyattii cabsuudhaan bulchiinsa mootummaa heera biyyattiitiin bulu balaarra kan buusu yoo ta'e mootummaan federaalaa akka jidduu galu ajajuu,
- Koreewwan dhaabbii fi yeroo barbaachisoo ta'an hundeessuu dabalata..

Yaa'iin waliigalaa mana maree federeeshinii guutuu kan ta'u miseensota mana marichaa keessaa lama-sadaffaan walga'ii irratti yoo argaman ta'ee, murteewwan kan kennaman sagalee caalmaa miseensota yaa'icha irratti argamaniitini. Af-yaa'iin mana marichaa walga'iiwwan mana marichaa ni gaggeessa. Manni marichaa baajata isaa mana maree bakka-bu'oota uummataatiif dhiyeessuun murteessisa. Manni marichaa waggaa waggaa walga'iiwwan idilee si'a lama ni adeemsisa. Barri hojii mana marii kanaa waggaa shanidha. Namni tokko si'a tokkotti miseensa mana maree bakka-bu'oota uummataa fi miseensa mana maree federeeshinii ta'uu hin danda'u.



- Caaseffama boordii filannoo ni hubachiisu;
- Aangoo fi hojiiwwan boordii filannoo biyoolessaa ni tareesu;
- Haala caaseffama naannoo filannoo fi buufata filannoo ni ibisu
- Ittigaafatamumaa fi hojiiwwan raawwachtota filannoo ni ibisu;

### **Gochaa 3.1. : Marii Garee**

**Leenjisa:** Hirmaatata garee afuritti qoodaa. Garee tokkoo tokkoof gaafilee armaan gadii kennafi.

#### **Garee tokkoffaa :**

- 1) Miseensonni boordii filannoo attamitti filatamu?
- 2) Ulaagaaleem filannoo miseensa boordii filannoo maalma fa'a?
- 3) Ittigaafatamuma fi hojiiwwan boordii filannoo biyoolessaa maal maali?

#### **Garee lammaffaa :**

- 1) Miseensonni waajjira damee boordii filannoo naannoo attamitiin filatamu?
- 2) Ittigaafatamni fi hojiiwwan waajjira damee boordii filannoo naannoo maal maali?

#### **Garee sadaffaa :**

- 1) Naannowwan filannoo attamitiin caasefamu?
- 2) Ittigaafatamni fi hojiiwwan filannoo naannoo maal maali?

#### **Garee afraffaa :**

- 1) Seera filanootiin aangoo fi hojiiwwan rawwachiistoota filanootiif kennaman maal fa'i?

**Leenjisa :** Qabxii marii waliigalaa gareen tokkoon tokkoon gara bakkabuutootatiin dhyeesun hiraamaatonni marii irratti gageesu. Dhumarratis yaadota bareeffama armaan gadii kessaa irratti calaqaasiisun marii ni xumuru.

## **3.1.Caaseffama Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itiyoophiyaa**

Boordiiin filannoo biyoolessaa Itiyoophiyaa heera bara 1987n haala keeyyata 102n kan mirkanaa'edha. Akkaataa bu'uura tumaa heera biyyattiitiin naannoowwan filannoo federaalaa fi naannolee keessatti filannoo walabaa fi sirrii ta'en haala walabummaa qabuun akka adeemsifamuuf, dhiibbaa qaama kamiirraayyuu walaba kan ta'e, boordiiin filannoo biyyaalessaa ni hundeeffama. Miseensonni boordichaas gara muummicha ministeeeraatiin dhiyaatee mana maree bakka-bu'oota uummataatiin ni muudamu. Heerri biyyattii, aangoo fi hojiiwwan



boordichaa akka waliigalaatti; akkasumas, haalli calallii fi muudama miseensota boordichaa seeraan ni murtaa'a akkuma jedhetti, Labsiin lakk. 1133/2011 bahee jira.

Dhumarrattis, labsiin lakk. 532/1999 fooyya'ee ba'e hanga 2011 A.I.I tti hojiirra turuudhaan, labsii hundeeffama boordii filannoo lakk. 1133/2011 fi filannoo Itoophiyaa keessatti, galmeen paartilee siyaasaa fi labsii naamusa filannoo lakk. 1162/2011 tiin bakka buufameera.

Labsiin lakk. 1133/2011 haala moggaasa miseensota boordichaa, caaseffama dhaabbata boordichaa fi aangoo fi hojiiwwan isaa ilaallata. Labsiin lakk. 1162/2011 immoo tarreeffama dhimmoota filannoo, haala galmee paartilee siyaasaa fi dambiiwwan naamusaa kan qabate seera bal'aadha. Labsii lakk. 1133/2011 tiin jijjiirama guddaa taasifame labiiwwan isaan dura turaniin baayyinni miseensotaa boordii sagal turan gara shaniitti akka gadi bu'u gochuudhaan haalli hojii isaanii dhaabbataadhaan, guyyaa guutuu akka ta'u taasifameera. Miseensota shanan keessaa, walitti qabaniif fi I/A walitti qabaan ni muudama.

Moggaasa miseensota boordii ilaalchisee, muummichi ministeeraa koree walabaa miseensota dhaabbilee walaba ta'an adda addaa keessaa walitti dhufan hundeesudhaan koreen kuni kaadhimamtoota miseensota boordii calaluudhaan akka dhiyeessu gochuun, kaadhimamtoota dhiyaatan irratti muummichi ministeeraa paartii morkattootaa waliin bal'inaan erga mari'atee booda mana maree bakka-bu'oota uummataatiif dhiyeessee muudamni akka taasifamu labsii boordii deebisanii ijaaruu keessatti tumameera.

Namni tokko miseensummaa boordiitiin filatamee wayita muudamu, nama miseensa paartii siyaasaa kamiyyuu hin taanee fi gartummaa siyaasaa kamirraayyuu walaba ta'e, dhimmoota filannoon walqabataniin, keessattuu barumsa seeraa, saayinsii siyaasaa, bulchiinsa uummataa, istaatiiksii, teekinooloojii odeeffannoo fi ogummaawwan walsimatan birootiin ogummaa olaanaa qabu, nama naamusa gaariifi safuu qabu; akkasumas, tuutni miseensota boordii saboota biyyattii adda addaa fi koorniyaa haala jiddu galeeffateen qaama hunda keessa kan walitti funaaname ta'uu akka qabu seerichi ni mirkaneessa.

Boordichi waajjira akka qabaatu seeraan ibsameera. Waajjiri kunis barreessaa duree tokkoo fi itti-aanaa itti gaafatamaa gaggeessitoota hojii boordichaatiin muudamaniin gaggeeffama. Boordichi naannolee hunda keessatti waajjira damee haala filannoo qindeessu ni qabaata. Itti-gaafatamtoonni waajjiraa damee naannolee, akkaataa gajeelfamoota boordichi baasuutiin walabummaan isaanii fi ga'umsi ogummaa isaanii erga mirkanaa'ee booda jiraattota naannichaa jidduutti walitti-qabummaa boordichaatiin, yaa'ii boordichaatiin moggaafamu. Boordichi, bal'ina lafaa naannichaatiin, haala qubsuma uummatichaa fi baay'ina filattootaa bu'uureffachuudhaan, mana galmee dameewwan naannoleetiif itti-waamamaa kan ta'an, haala barbaachisummaa isaatiin qindeessitoota filannoo sadarkaa godinaalee fi naannoleetti jiran dhaabbataadhaan hundeesuu akka danda'uu fi haala hojmaataa, hojiiwwanii fi itti-gaafatamummaa waajjiraa qindeessitoota kanneenii, dambiiwwan boordichi baasu murteessuu akka danda'u ibsamee jira.

### **3.1. Waajjira Boordii Damee Nannoo**

Naannoleen hundii fi magaalli lamaan boordii fiannoo qindeesan waajjira dame naannotti ni dhaabu. Waajjiri dame nannoo fi walitti qabaan boordi qajeelfamni kalatiin kennameefit hojjata. Haaluma kanaan ittigaafatamummaa fi hojiiwwan armaan gadii ni raawwata.

- 1) Filannoo sadarkaa naannottiin ni hogganu, ni gageesu, ni qindeessu, ni too'atu.
- 2) Waajjirri qindeessaa isa jalatti dhaabbatu haala ittiin gurmaa'u waajjira boorditiif yaada ni dhyeessa.
- 3) Sanada fi meeshaleen filannoof barbaachisan yeroon waajjira qinndaa'ina filannoo buufata naannotti qaqabuu isaanii ni hordofa ni mirkaneessas
- 4) Qajeelfama boordii irraa dabru irratti hundeeffamuun qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uun barumsa amala gaarii filatootaa ni keenna, niqindeessa.
- 5) Haala filatoonni itti galmaa'an , qadhimamtoonni itti dhiyaatan fi haala sirnni sagalee keennuu heeyamutti hojjatamaa jiraachuu ni hordofa, ni too'ata.
- 6) Dhimmoota keeyyata kanaa jalatti hubataman irratti komiiwwani fi mormii sadarkaa nannotti xinxaluun haala qajeelfama boordiiin baasun ni raawwatama.
- 7) Adeemsa fi bu'aa filannoo naannoo ilaalchisee waajjira boorditiif gabaasa ni dhiyeessa.
- 8) Haala filannoof mijaa'un sanadoota seera qabeessa ta'an walitti qabuun qoratee yeroo yeroon wajjira boorditiif gabaasa ni dhiyeessa.
- 9) Sochii hojii ilaalchisee yeroo yeroon boordichaaf gabaasa ni dhiyeessa.
- 10) Qajeelfama managimantiin boordii kennun sadarkaa nannoo fi buufata filannootti dhaabileen siyaasaa waltajii walitiin akka hundeeffamu taasisa, dhaabbileen sadarkaa nannoo waltajii walii ni qindeesu.
- 11) Koreen dhageefatan oliyyanaa Waajjiri damee nannoo qajeelfama boordichi baasun hundeeffama.

Haala itti gafatamuuma fi hojii boordi fi boordii damee nannoo irratti hubatameen dameen naannoo godina irratti akkasumas buufata filannoo keessatti buufamni qindeesuu ijaaramuu akka gumeesuun danda'amu seeri ni hubachiisa.

### **3.2. Naannolee Filannoo**

Akkaataa seera filannoo Itoophiyaatti, daangaan naannoleen filannoo keessatti gurmaa'an akkuma jirutti ta'ee, naannoon filannoo kan aanaa bu'uura godhatedha. Haata'u malee, naannoon filannoo akkaataa bu'aa lakkoofsa uummataatiin yeroodhaa yerootti sirreeffamni taasifamuufii danda'a.

Akka heera biyyaa keessatti tumametti, naannoleen filannoo biyyattii 550 darbuu hin qabani. Heerri biyyattii keeyyatni 103(5) akka ibsutti, akkaataa lakkoofsa uummataa waggoota kudhan kudhaniin adeemsifamuutiin, haalli naannoleen filannoo ittiin daangeffaman, wixinee boordiiin filannoo dhiyeessu bu'uureffachuun manni maree federeeshinii ni murteessa.

Naannolee filannoo filannoowwan naannoo sadarkaa sadarkaadhaan keessatti adeemsifamanii ilaalchisee, miseensota mana mareetiif filatamanii fi baay'ina filatootaa bu'uura godhachuun akkaataa seera naannichaatiin murtaa'a.



## Naannolee Filannoo

- Akkaataa sagantaa boordichi qopheessuutiin, meeshaalee filannoo buufataalee filannootiif ni raabsa; kaadhimamtoota dorgomtootaa ni galmeessa; waraqaa eenyummaa ni kenna;
- Sanadoota buufataalee filannootii dhufaniifi meeshaaleen filannoo sirnaan guutamanii dhufuu isaanii nimirkanessa; qaama dhiyeessu irraa fuudha; sirnaan akka qabaman godha;
- Buufataaleen filannoo hojiiwwan isaanii sirnaan raawwachuu isaanii ni to'ata;
- Komiiwwanii fi ol-iyyannoowwan seera guutani dhiyaataniif murtoowwan saffisa ni kenna;
- Bu'aawwan filannoo buufataalee filannoo irraa dhufan walitti ida'uudhaan mo'attoota erga adda baaseen booda bu'aasaa uummataaf ifa gochuudhaan gucawwan barbaachisoo guutuudhaan boordichaaf erga;
- Akkaataa qajeelfamoota boordichi baasuutiin waraqaa eenyummaa filatamtootaa mo'attootaaf ni kenna;
- Maqaa bakka-bu'oota dorgomtootaa buufataalee filannootiif dabarsee kenna;
- Naannolee filannooti, miseensota dhageettii komii seera kanaan; akkasumas, akkaataa qajeelfama boordii baasuutiin ni filachiisa;
- Waltajjiin marii waloo paartiilee siyaasaa naannolee filannichaa keessatti dorgomanii haala mijeessa.

### 3.3. Buufataalee Filannoo

Buufataaleen filannoo, boordichi haala addaa qaama-miidhamtootaa dabalatee taajjabdoota adda adda yaada keessa galchuudhaan iddoo filatetti kan hundeeffaman yoo ta'u, iddichis galmeen filattootaa osoo hin eegalin guyyoota 15 dursuun uummataaf ifatti ibsamuu akka qabu labsii lakk. 1162/2011 jalatti tumameera. Haaluma walfakkaatuun, naannoowwan uummanni horsiisee-bulaa jiraatutti buufataaleen filannoo sosocho'an hundeeffamuu ni danda'u. Boordichi iddoowwan buufataalee filannoo yoo jijjiire filattootaaf kanuma ibsuu qaba.

**Buufataaleen filannoo:** galmeen filattootaa, buufata sagaleen itti kennamuu fi bakka sagaleen kenname itti lakkaawwamu ta'uun tajaajilu. Seera filannichaa irratti iddoowwan buufata filannoo ta'uun tajaajiluu hin dandeenye adda-baafamuun ilaalamaniiru. Haaluma kanaan:

- Kaampiiwwan raayyaa ittisa biyyaa,
- Buufataalee poolisii,
- Manneen dhugaatii
- Gamoowwan dhaabbilee siyaasaa ykn amantiwwanii,
- Manneen jireenyaa, bakka galmees fi sagalee kenniinsaa ta'uudhaan tajaajiluu hin danda'ani.

### **Buufanni Filannoo, Akkaataa Dambii fi Sagantaa Yeroo Boordichi Baasuutiin:**

- Filattoota ni galmeessa;

- Meeshaalee filannoo naannoo filannichaa irraa ergaman sirnaan akka qabaman godha;
- Filannoo adeemsisa;
- Komiiwwan seera eeganii dhiyaatan keessummeessa;
- Sagalee kenname lakkaa'udhaan bu'aa filannichaa gabatee beeksisaa irratti baasudhaan uummataaf ifoomsa;
- Sanadootni filannoo sirnaan guutamani, meeshaaleen filannoo sirnaan eegamanii naannolee filannootiif akka ergaman godha;

Baay'inni filattootaa tokkoo tokkoon buufataalee filannoo keessummeessan filattoota kuma tokkoo fi dhibba shan darbuu akka hin qabnee fi iddoo buufata filannoo tokkoof qophaa'etti buufata filannoo tokkoo ol hundeessuun akka hin danda'amne seeraan tumameera.

Boordiin filannoo naannoo isaanii irraa fagaatanii raayyaa ittisa biyyaa kaampii keessa jiraataniif, hojjattoota siviiliitiif, lammiilee dhaabbilee barnoota olaanaa keessatti barachaa jiraniif; akkasumas, lammiilee qe'ee ofiirraa buqqa'anii bakka biraa jiraataniif akka isaan filannichatti hirmaachuu danda'aniif haala mijeessuudhaan bakka filattoonni itti argamanitti ykn naannoo isaan jiranitti buufata filannoo adda ta'e hundeessuu ni danda'a.

### **3.4.Hojiwwanii fi Itti-gaafatamummaa Raawwachiiftota Filannoo**

Filannoon walaba, amanamaa fi nagaa-qabeessa akka ta'u, shoorri raawwachiiftonni filannoo taphatan baay'ee olaanaadha. Biyya dimokiraasiin keessatti hin dagaagnee fi humnoota siyaasaa jidduutti wal amantaan hin jirretti, waantota nageenyaaf wabii ta'uu danda'an keessaa inni guddaan filannoowwan qaama walaba ta'ee fi raawwachiiftota filannoo amanamoo ta'aniin adeemsifamuu isaaniiti. Kanaafuu, raawwachiiftonni filannoo guutumaan guututti walabaa fi ga'umsa olaanaa kan qaban ta'uu qabu.

Boqonnaa kana jalatti jalqaba akka ilaalletti, boordiin filannoo biyyaalessaa raawwachiiftota filannoo walaba ta'an, ga'umsa olaanaa qabani fi uummata biratti fudhatama guddaa qaban mana galmee boordichaatiin calalamuu, qacaramuu fi leenji'uu isaanii mirkaneeffachuuf aangoo fi itti-gaafatamummaa akka qabu seeraan tumameera. Boordichi dhiibbaawwan qaamolee kamirraayyuu irra ga'u irraa ittisuu akka qabu seera filannichaa keessatti tumameera.

Raawwachiiftonni filannoo mana galmee naannolee fi buufataaleetti filannoo raawwachiisuuf hojjattoota dhaabbataadhaan ykn yeroodhaaf boordichaan ramadamani hojjatanidha. Haaluma kanaan, tokkoo tokkoon buufata filannoo raawwachiiftota filannoo koree miseensota shan of keessaa qabu, kanneen gartummaa siyaasaa irraa walabaa fi uummataaf amanamoo ta'an; akkasumas, ga'uumsa ogummaa olaanaa qaban ni qabaata. Itti-gaafatamaan buufata filannoo walitti-qabaa ta'uudhaan koree kana gaggeessa. Haaluma walfakkaatuun, tokkoo tokkoon naannoo filannoo namoota sadi ulaagaawwan armaan olitti eeraman guutan koree raawwachiiftuu filannoo ta'anii hojjatan ni qabaata.

Aangoo fi hojiiwwan raawwachiiftota filannootiif akkaataa seera filannootiin kennaman keessaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

- Akaakuu fi bal'ina gocha isaatiin bu'aa filannichaa fudhatama dhabsiisuu kan danda'u, adeemsa filannoo keessatti gochaa seera cabsuu uumame, adeemsa filannicha waliin-dhahuu ykn nageenyaaf tasgabbi boora'e uumamuusaa yoo itti amanani haalicha boordii filannootti beeksisu;
- Koree dhageettii iyyannoo sadarkaa naannoo fi buufataalee filannootti hundeeffaman keessatti miseensummaadhaan hirmaachuu;
- Paartilee siyaasaa fi dorgomtoota dhuunfaa, taajjabdoota uummataa fi qindeessitoota naamusaa fi tasgabbi waliin ta'uudhaan adeemsi kenniinsa sagalee adeemsa dambiiwwan seeraan kaa'aman hordofeen eegaluu isaa mirkaneessuu; keessattuu dura-taa'aan buufata filannichaa, wayita filannoon jalqabuuf jedhu korojoon sagaleen keessatti kennamu duwwaa ta'uusaa qaamolee olitti eeramanitti agarsiisuu, korojoon filannoo furtuu qophaa'een erga cuqqalameen booda taajjabdoota fuulduratti, bakka arguu danda'anittii fi iddoo ifa ta'ee mul'atu taa'uusaa ykn rarraafamuusaa erga mirkaneessee booda, filannoon eegalamuusaa qaboo-yaa'ii qabachuudhaan boordichi guca kaayyoodhuma kanaaf qopheesse irratti erga guutameen booda lakkoofsi sagalee akka jalqabamu godhamuusaa mirkaneessuuf itti-gaafatamummaa qaba.
- Dura-taa'aan buufata filannichaa, namni kamiyyuu machiidhaan ykn sababa birootiin nageenyaaf tasgabbi buufata filannichaa kan booressu yoo ta'e ykn namni ol seenuu hin qabne buufata filannoo keessa seenee adeemsa filannichaa yoo jeeqe, namni kuni akka gadi ba'u ajajuu fi poolisii waamuu dabalatee haala kana irratti tarkaanfiin akka fudhatamu gochuuf aangoo qaba; kanuma gochuus qaba.
- Kitaaba seeraan-alaa qabatee buufata filannoo keessa seenuusaa nama eeruun irratti dhiyaate, dura-taa'aan boordii filannichaa, bakka-bu'oonni paartilee siyaasaa hundaa fi dorgomaa dhuunfaa; akkasumas, taajjabdoonni uummataa bakka argamanitti shakkamticha sakatta'uu ni danda'a; qabatamaa ta'ee yoo argames, tarkaanfiin seeraa barbaachisaa ta'e akka irratti fudhatamu gochuu ni danda'a;
- Guyyaa filannoon adeemsifamu filattoota filachuuf dhufan filattoota sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffachuu qaba;
- Taajjabdoota filannoo fi bakka-bu'oota dorgomtootaa karaa sirrii fi seera-qabeessa ta'een keessummeessuu;
- Adeemsa kenniinsa sagalee keessatti, waraqaan sagaleen ittiin kennamu yoo dogoggora uummatee faayidaan-ala ta'e, faayidaan-ala ta'uusaa mallattoo itti gochuun addatti baasuudhaan saanduqa kanumaaf qophaa'e keessa akka kaa'amu gochuu;
- Adeemsi kenniinsa sagalee sababa kamiinuu yoo addaan citee fi haalichi deebi'ee yoo sirrate, raawwachiiftonni filannoo haalicha qaboo-yaa'ii qabachuudhaan battalumatti adeemsi kenniinsa sagalee akka itti fufu gochuu; haata'u malee, dhimmi adeemsa filannichaa gufachiise humnaa ol yoo ta'ee fi adeemsi filannichaa itti-fufuu yoo hin dandeenye, qaboo-yaa'ii qabachuudhaan adeemsi kenniinsa sagalee bakkuma jirutti dhaabatee battalumatti haala waliigalaa uumame qaama olaanaa mana galmee filannichaatiif akka gabaafamu gochuu;

- Adeemsa kenniinsa sagalee irratti komiiwwan ka'an, karaa koree komii keessummeessuutiin deebii akka argatan haala mijeessuu;
- Waraqaawwan sagaleen ittiin kennamuuf ofeeggannoo cimaafi eegumsa ga'aa gochuuf dirqama seeraan itti kenname ba'achuu qabu;
- Akkaataa seerri filannichaa ajajuun, sanadni filannoo kamiyyuu nama tokkorraa gara nama birootti wayita darbu adeemsa wal harkaa-fuudhinsa seera-qabeessa ta'e hordofuun raawwachuusaa mirkaneessuu;
- Sababa dirqisiisaa ta'een lakkaawwiin bu'aa sagalee filannoo sadarkaa buufata filannichaatti raawwatamuu yoo hin dandeenye, raawwachiiftonni filannoo buufatichaa naannoo filannootiif gaaffii dhiyeessuun yoo heeyyamame ykn raawwachiiftonni filannoo naannichaa yoo murtee dabarsan lakkaawwiin bu'aa sagalee mana galmee naannoo filannichaatti kan adeemsifamu yoo ta'u; lakkaawwiin kunis kan adeemsifamuu danda'u iddoo bakka-buutonni dorgomtootaa fi taajjabdoonni buufata filannichaa jiranitti.

### **Dura-taa'aa Buufata Filannoo, Lakkaawwiin Sagalee Osoo Hin Eegalamiin Dura:**

- Korojoon sagaleen itti kennamu cuqqaalamee jiraachu fi kan hin banamne ta'uusaa fi sagalee kennuun osoo hin eegalamin dura haaluma cuqqaaiamee dhufeen turuu isaa, korojoon kunis kan hin tarsaane fi hin mancaane ta'uusaa, bakka-buutonni dorgomtootaa fi taajjabdoonni uummataa erga mirkaneessanii qaboon-yaa'ii qabamee booda korojichaa akka banamu godhama; waraqaan sagaleen ittiin kenname hundi gadi jigeetu korojoon sunis duwwaa ta'uunsaa mirkanaa'a;
- Iddoo bakka-buutonni dorgomtootaa fi taajjabdoonni jiranitti baay'inni filattoota guyyaa sana sagalee kennanii, baay'ina waraqaawwan manca'anii fi sagalee kenname keessatti lakkaawwamuu hin dandeenyee galmaa'uu qaba.
- Lakkaawwiin sagalee akkuma xumurameen, bakka-buutonni dorgomtootaa fi taajjabdoonni adeemsi kenniinsa sagalee fi lakkaawwii bu'aa filannichaa sirrii ta'uusaa fi sirrii ta'uu dhabuusaa; qaamni komii qabu yoo jiraate komiisaa akka galmeessisu ta'ee, qaboon-yaa'ii qabamee, qaamoleen mallatteessuu qaban yoo jiraatan akka mallatteessan taasifamee, gucni barbaachisu hundi qixa sirrii ta'een guutamee mallattaa'ee, sanadootni jiran cuqqalamaniis gara naannoo filannootti ergamuu isaanii raawwachiiftonni buufata filannoo sanii mirkaneessuu qabu.
- Bu'aan lakkaawwii sagalee buufata filannootti taasifamee, lakkaawwiin xumuramee sa'aatii tokko keessatti gabatee beeksisaa buufata filannoo saniirratti bu'aa filannichaa maxxansuudhaan uummataaf ifaan ifatti ibsamuusaa mirkaneessuu; manni galmee naannoo filannoowwaniis buufataalee filannoo irraa akkuma bu'aan filannoo isaan bira ga'een dorgomtoonni ykn bakka-bu'oonni isaanii bakka jiranitti idaasisuudhaan, bu'aa filannoo argame uummataaf ifa gochuu fi mirkaneesun dorgomtoota ykn bakka-buutota isaaniitiif kennuu; akkasumas, mana galmee boordichaa fi mana galmee dameewwan boordichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran bira akka ga'u gochuutu irra jiraata.

Egaa, shoorri raawwachiiftonni filannoo taphachuu qaban bal'inaan armaan olitti dhiyaatan kuni qixa sirrii ta'een yoo hojiirra oolan, qaamoleen kunniin filannoon haqa-qabeessa, walaba, gartummaa kamirraayyuu bilisa, amanamaa fi naga-qabeessa akka ta'u shoorra gita hin qabne akka taphatan arguun ni danda'ama. Kanaafuu, raawwachiiftonni filannoo naamusa ogummaa sirrii qabaniif gartummaa kamirraayyuu walaba ta'uu isaaniitiin beekkaman calalamuu isaanii boordiin filannoo mirkaneessuu qaba. Dabalataanis, raawwachiiftonni filannoo gahee hojii isaanii fi itti-gaafatamummaa isaanirraa eegamu qixa sirrii ta'een akka hubatan leenjiin ga'aa ta'e kennamuufii qaba.

## Boqonnaa 4: Dambiiwwan Filannoo fi Adeemsawwan Filannoo Itoophiyaa

Leenjitoonni leenjii boqonnaa kanaan booda;

- Yeroo filannoo Itiyoophiyaa ni ibisu
- Akaakuuwwan filannoo Itoophiyaatti adeemsifamanii ni himu;
- Filannoon ijaarsa dimokirassii Itiyoophiyaa keessatti gumaacha inni qabu ni ibisu

### Gocha 4.1: Marii Wliigalaa

**Leenjisa:** Gaafiiwwan armaan gadii dhiyeesun hirmaatonni akka irratti mariatan taasisaa.

- 1) Gosoonni filannoo Itoophiyaa kessatti gageefaman maal fa'i ?
- 2) Filannoon ijaarsa diimokraasii Itoophiyaa gumaachi inni qabu maali ?

**Leenjisa:** Bareeffama armaan gadii calaqisiisun yaada marii xummura.

### 4.1. Seera Filannoo Itoophiyaa fi Akaakuuwwan Filannoo Adeemsifamanii

Itoophiyaa keessatti akaakuuwwan filannoo shantu adeemsifama. Isaanis: 1. filannoo waliigalaa 2. filannoo naannoo 3. filannoo itti-guutinsaa 4. filannoo irra-deebii fi 5. Filannoo murtoo uummataati.

**Filannoon waliigalaa:** Wagga shan shaniin kan taasefamu, filannoo miseensota mana maree bakka-bu'oota uummataa fi mana maree naannoleeti. Filannoon waliigalaa guutuu biyyattiitti yeroo walfakkaatatti taasifama. Haaluma kanaan, boordichi barbaachisaa ta'usaa yoo itti amanee fi dhimmichi mana maree bakka-bu'oota uummataatti dhiyaatee ennaa murtoo argate filannichi yeroo adda addaatti akka taasifamu gochuu ni danda'a.

**Filannoo naannoo:** Filannoon naannoo kun akkaataa seeraan tumamee jiruutiin, miseensonni mana maree godinaalee sab-lammootaa, magaalaaawwanii, aanaalee ykn gandootaa sadarkaa sadarkaan jiraniin kan itti filatamanidha. Filannoo naannoo keessatti, naannoo filannoo tokko keessatti bakka-buutonni meeqa akka filataman, akkaataadhuma akaakuu filannichaa fi miseensota mana maree sanaaf filatamaniitiin seera naannoleetiin murtaa'a. Filannoon naannoo, seera naannoleetiin kan hogganamu ta'ullee, ulaagaawwan gad-aanaa ilaalchisee manni maree seera-baastuu federaalaa seera baasuu akka danda'uu fi seerri naannolee ulaagaawwan heera biyyattii fi labsii lakk. 1162/2011 jalatti tumaman guuttachuu akka qaban tumameera.

**Filannoon Itti-Guutinsaa:** kan taasifamu manni mareewwan sadarkaa sadarkaadhaan jiran bakka miseensota isaanii sababoota adda addaatiin hir'atanii akka guutamuuf boordichaaf gaaffii yoo dhiyeessan ykn adeemsa seeraatiin, bakka-bu'aan jiru nuuf haa kaafamu gaaffiin jedhu dhiyaatee gaaffiin boordichaaf dhiyaate fudhatama yoo argatedha. Haata'u malee, yeroon hojii mana maree dhumatuuf jiini ja'a erga hafee filannoon itti-guutinsaa hin adeemsifamu.

**Murtii Uummataan:** Akkaataa heera biyyattiitiin qaama seera-qabeessaan kan murtaa’u yoo ta’u, kunis fedhii uummataa adda baafachuun waan isaan fedhan murteessuuf seera sagaleen ittiin kennamudha. Akkaataa qajeelfama qaamni murtiin uummataa akka adeemsifamu murteesse kennuutiin, boordiiin filannichaa sababa murtiin uummataa barbaachiseef adda baasuu haala isa dandeessisuun buufataalee kenniinsa sagalee gurmeessudhaan kenniinsa sagalee murtii uummataa adeemsisa.

#### **4.2. Filannoo fi Dimokiraasii**

Dimokiraasiin bakka-bu’iinsaa hojiirra kan oolu paartilee siyaasaa adda addaa filannoo imaammataa adda addaa qabataniin dhiyaatan keessaa uummanni filatu naaf ta’a jedhee ennaa filatee fi bakka-bu’aan paartii mo’atee immoo qaama seera baasuu fi qaama seera raawwachiisu simachuudhaan bulchuu ennaa jalqabanidha.

Bakka-bu’iinsi uummataa kuni akkaataa seeraan taa’een sagantaa yeroo murtaa’efiin yeroodhaa gara yerootti haaromfamuutu irra jiraata. Kana jechuun, Itoophiyaa keessatti filannoon bakka-bu’ootaa mana maree sadarkaa adda addaatti jiraniin waggaa shan shaniin kan adeemsifamu waan ta’eef bakka-bu’iinsi uummataas kan haaromfamu waggaa shan shaniini jechuudha. Kuni kan agarsiisu, hojiirra-oolmaa sirna dimokiraatawaatiif filannoon shoora olaanaa bakka-bu’iinsa hin qabne ta’uu isaati.

Ibsituuwwan dimokiraasii keessaa inni ijoon sirni uummanni karaa bakka-bu’oota isaatiin ittiin ofiin of bulchu wayita uumamedha. Bakka-bu’oonni uummataa immoo kan filataman karaa filannoo kanumaaf jedhamanii qophaa’aniitini. Kanaafuu, dimokiraasii filannoon alatti ni uumama jedhanii yaaduun hin danda’amu.

Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu bifaan, sanyiin, gosaan, sablammiin, saalaan, afaan dubbataniin, amantii hordofaniin, ilaalcha siyaasaa ykn ilaalcha birootiin ykn ejjannoo qabaniin qoqqoodinsii fi loogiin osoo irratti hin godhamin mirgoota armaan gadii qabu:

- a. Karaa bakka-bu’oota isaanii kallattii fi walabummaadhaan filatamaniitiin, dhimmoota bulchiinsa uummataa irratti hirmaachuu,
- b. Umuriin waggaa 18 ennaa ga’e akkaataa seeraatiin filachuu danda’uu,
- c. Sadarkaa mootummaa kamirrattuu, filannoowwan yeroo adda addaa adeemsifamanitti hirmaachuun filuu fi filatamuu.

Filannichi hunda-galeessa, gama hundaan walqixxummaa irratti kan hundaa’ee fi sagaleen icciitiidhaan kan kennamu, namni filatu fedhii isaa bilisa ta’ee karaa kaardii filannootiin ibsachuuf wabii guutuu kan qabu ta’uu qaba.

#### **4.3. Wa’ee Odeeffannoo Filannoo Filattootaaf Kennamanii**

Odeeffannoon filattootaaf kennamu barumsa/leenjii filannoo isa bu’uuraa irraa addadha. Odeeffannoon filattootaaf kennamu, wa’ee namni beekumsa ga’aa qabu tokko, filannoo yeroo dhiyootti taasifamu kanaaf qophiiwwan haal-dureen murteessoo ta’an osoo hin darbinii fi sanadoota murteessoo ta’an qabataniin ba’uudhaan bu’aa-ba’ii tokko malee filachuu akka

danda'an kan gargaarudha. Haaluma kanaan, qabxiileen armaan gadii odeeffannoowwan filattootaa faayida-qabeessa ta'an keessatti kan hammatamanidha:

1. Odeeffannoo galmeen filattootaa yoom akka jalqabamuu fi eessatti galmaa'uu akka danda'an ibsu;
2. Filachuudhaaf galmaa'uuf sanadoota akkamii qabatani gara buufata filannoo deemuu akka qaban;
3. Yeroo galmee rakkoon yoo qunname yookin immoo waan seeran ala fakkaatu yoo argan akkamittii fi eenyutti komii dhiyeeffachuu akka danda'an;
4. Guyyaan filannoo yoom akka ta'e, guyyaa filannichaa buufanni filannoo sa'aatiiwwan ammamiif banaa akka ta'e beekuu akka qaban;
5. Raayyaan waraanaa kaampii keessa jiraatu ykn namni qe'ee ofiirraa buqqa'ee iddoo biraa jiraatu eessatti galmaa'uu fi filachuu akka qaban beekuu;
6. Filattoota qaama miidhamtoota ta'an ykn deeggarsa isaan barbaachisu iddoo fi haala galmeen ittiin adeemsifamu akkaataa ittiin argachuu fi beekuu qaban;
7. Filattootni qaama miidhamtoota ta'an ykn deeggarsi isaan barbaachisu guyyaa filannichaa akkamittiin deeggarsa argachuu akka danda'an kanneen jedhanidha.

Kutaawwan boqonnaa kanaa hafan, kanneen asii-gaditti dhiyaatan keessatti galmee filannoo irraa eegalee wa'ee filattootaa fi kaadhiamtootaa galmaa'an irraa kaasee hanga bu'aa filannichaa ibsuutti adeemamaa jiran filattootaaf, kaadhiamtootaaf, raawwachiiftota filannootii fi qaamolee isaan ilaallatu birootiif haala fayyaduu danda'uun dhiyaata.

#### **Gocha 4.1. : Diraamaa/ Do'ii/ Hirmaachisaa Filannoo (Mock Election)**

**Leenjisa:** Galmee filannootii kaasee adeemsoota filattootaafi filatamtootaa hanga qabxii filannoo ibsutti kan agarsiisu diraamaa/ do'ii/ hirmaachisaa gabaabaa dargaggootan kan qophaa'e akka dhihaatu taasiisa. Diraamaa/ do'ii/ booda hirmaatoonni qabxilee diraamaan baratan filatoota, filatamtoota, raawwachiistoota filannoo fi qaamota dhimmi kun ilaalu biroo waliin haala walsimatuun akka yaada tarreesan gaafadhaa. Dhumarrati yaada barreefama armaan gadii irratti hundaa'un maricha xumuraa.

#### **4.4. Galmee Filatootaa:**

Filannoo kamiyyuu keessatti hirmaachudhaaf dursanii filachuudhaaf galmaa'uun haal-duree murteessaadha. Ulaagaaleen nama tokko akka filachuudhaaf galmaa'uu danda'u taasisanii fi sanadootni barbaachisan, seera filannoo fi akkaataa barbaachisummaa isaatiin boordii filannootiin qajeelfamoota tarreeffamuun qophaa'u; haata'u malee, ulaagaaleen kunniin waan sirrii fi barbaachisaa ta'e qofa malee, nama tokko seeraan ala filachuu irraa kan hambisan ta'uu hin qaban.

Akkaataa labsii lakk. 1162/2011 tiin, filannoo kamiyyuu keessatti:

- Namni lammii Itoophiyaa ta'e tokko,
- Yeroo galmaa'utti umuriin isaa waggaa 18 fi isaa ol kan ta'e,



- Naannoo filannoo keessatti galmaa'ee keessa yoo xiqqaate ji'oota ja'aaf namni jiraate filachuudhaaf galmaa'uu ni danda'a.

Haata'u malee, sababa dhukkuba sammuutiin murteessuuf ga'umsa namni hin qabne tokko, adabbii hidhaa itti murtaa'ee xumurachaa namni jiru tokkoo fi namni mirgi filachuu fi filatamuu isaa seeraan jalaa daanga'ee tokko, filachuudhaaf galmaa'uu akka hin dandeenye seeraan tumameera.

Galmeen filattootaa kan adeemsifamu akaakuu filannichaa bu'uureffachuudhaan, akkaataa tartiiba yeroo galmee filattootaa boordiiin filannoo biyyaalessaa baasuutiin yoo ta'u; iddoon galmees buufata filannoo ganda filattoonni keessa jiraatan keessatti hundeeffamutti qofadha. Haata'u malee naannoo horsiisee bultootni jiraatanitti barbaachisaa ta'ee yoo argame, jiddugala galmee filattootaa sosocho'aa hundeesudhaan galmee filattootaa adeemsisuun ni danda'ama. Namni tokko filachuudhaaf buufata filannoo tokko keessatti si'a tokko qofa galmaa'uu danda'a. Tokkoo tokkoon buufata filannoo galmee filattootaa mataa isaanii ni qabaatu.

### **Galmees Filattootaa Ilaalchisee Dhimmoonni Yaadatamuu Qaban Lama:**

1. Galmeen filattootaa adeemsifamuu kan danda'u yeroo galmee murtaa'aa boordichi baasu keessatti qofa.
2. Duraan akka ibsametti, naannoowwan horsiisee bultootaatiif haala addaatiin yoo murtaa'een alatti galmeen kan adeemsifamu buufata filannoo ganda filattoonni keessa jiraatanitti hundeeffamu keessatti qofadha.

Namni tokko akka filataatti hirmaatee paartii barbaade ykn kaadhimamaa filachuu fedhe kan filachuu danda'u duraan dursee akka filataatti yoo galmaa'edha. Akka filataatti osoo hin galmaa'iin, guyyaa filannoo filataa ta'anii dhiyaachuun hin danda'amu. Kanaafuu, boordichi wa'ee galmeen filannoo eegalamuusaa saba-himaalee adda addaatiin ennaa ibsu hordofuu fi galmaa'uudhaan mirga filachuu ofii harkatti galfachuun barbaachisaadha.

### **Namni tokko filachuudhaaf gara buufata filannoo ennaa dhufu sanadoota armaan gadii qabachuusaa mirkaneeffachuutu irra jiraata:**

Jiraataa naannoo filannichaa ta'usaa kan ibsu waraqaa eenyummaa ykn paaspoortii, kanneen keessaa tokkollee kan hin qabne yoo ta'ee sanadoota ibsituu eenyummaa ta'an kan biroo (heeyyama konkolaachisummaa, waraqaa ragaa jiraataa, sanada raayyaa waraanaa keessaa ittiin hir'ifame, waraqaa eenyummaa mana barumsaa fi kkf qabaachuu qaba.

Haata'u malee, sanadoota armaan olitti eeraman kan hin qabne yoo ta'ees nama galmaa'uuf dhufe galmeessitoonni jiraataa naannichaa ta'usaa adda baasanii yoo beekan ykn buufata filannichaatti taajjabdoonni uummataan filataman nama kana ni beeku yoo ta'ee qaboo-yaa'ii qabachuun galmeessuu ni danda'u. Namootni sababoota adda addaatiin of danda'anii galmaa'uu hin dandeenye, gargaartota isaaniitiin deeggaramanii qaaman argamuudhaan galmaa'uu ni danda'u.

Galmeen guyyaa guyyaadhaan adeemsifamu wayita xumurame lakkoofsii fi guyyaan namni dhumarra galmaa'e guca kanumaaf qophaa'e irratti erga guutamee booda, galmeessitoonnii fi taajjabdoonni uummataa irratti waliif mallatteessu. Gochi kunis hanga guyyaa galmeen filattootaa xumuramutti guyyaa guyyaadhaan iddoo duwwaa nama dhumarra galmaa'ee gaditti argamutti raawwachiiftonni filannoo erga irratti mallatteessanii booda galmeen ni cufama. Galmeen filattootaa erga cufamee booda boordii filannichaatiin haala adda ta'een yoo murtaa'een alatti filataa haaraan irratti galmaa'uu hin danda'u.

Adeemsi filannichaa erga xummurameen booda, galmeen filattootaa mooraa buufata filannichaa keessatti guyyoota 10f waliiti aananii uummataan akka daaw'atamu (sakatta'amu) taasifama. Galmee ilaalchisee mormiin kamiyyuu nama kamiinuu ykn paartii siyaasaa kamiinuu koree dhageettii iyyannoo buufata filannichaatiif dhiyaachuu ni danda'a.

Haaluma walfakkaatuun, namni tokko akka akka hin galmoofne haalli isa daangessu yoo uumame iyyannoo isaa koree dhageettii iyyannoo buufata filannichaatti dhiyeeffachuun murtoo argachuuf mirga qaba. Namni akka filataatti galmaa'uu hin qabne ykn galmaa'uuf namni mirga hin qabne tokko seeraan ala galmaa'eera namni jedhu ykn paartiin siyaasaa tokko mormii isaa koree dhageettii iyyannootti dhiyeeffachuun murtoo argachuuf mirga qaba.

Namni filachuudhaaf galmaa'e, sababa dhibee sammuutiin filachuudhaaf ga'aa ta'ee argamuu yoo baate ykn waliin dhahuun yoo galmaa'e ykn nama du'e ykn mana murtiitiin kan itti murtaa'e yoo ta'een alatti, sababoota biroo kamiinuu galmees filattootaa irraa hin haqamu.

#### **4.5. Galmees Kaadhimamtootaa**

Galmeen kaadhimamtootaa, yoo xiqqaate guyyoota 90n guyyaa filannoon itti adeemsifamu dursuudhaan akkaataa sagantaa galmees boordii filannoo biyyaalessaa baasuun naannoo filannoo hunda keessatti raawwata. Filannoo waliigalaatiif buufata filannootti galmeen kaadhimamtootaa hin adeemsifamu.

#### **4.6. Wa'ee Duula Filannoo**

Kaadhimamaa dorgomaan tokko kaadhimamummaan guyyaa galmaa'ee waraqaa eenyummaa itti argaterra eegalee filannichaaf guyyaan afurii hanga hafutti bulchiinsas ta'ee mana qopheessa osoo hin heeyyamsiisin barreeffamaan qofa beeksisuudhaan, dirqama seeraa qaban kabajuun ofiinis ta'ee karaa deeggartoota isaatiin walga'iiwwan deeggarsaa adeemsisuuf ykn hiriira nagaa waamuuf mirga guutuu qaba. Haaluma walfakkaatuun, odeeffannoowwan barbaachisoo filannichaaf na fayyada jedhee yaade boordicharraa argachuuf mirga qaba. Sochiiwwan dorgommii filannoo heera biyyattii fi seerota biroo barbaachisoo ta'an, mirga filattootaa, mirga dorgomuu kaadhimamtoota biroo kabajuun, karaa nagaa fi dimokiraatawaa ta'een adeemsifamuu qaba.

Kaadhimamtoonni fi deeggartoonni isaanii akkaataa dambii boordichi baasuutiin sochiiwwan dorgommii filannoo taasisan kenniinsi sagalee osoo hin eegalamin guyyaa afur dursuun xumuramuu qaba.

Saba-himaaleen to'annaa mootummaa jala jiran jechuun, raadiyoo, televiziyinii fi gaazexaawwan; haala ittiin duula filannootiif oolan ilaalchisee haaluma seera filannootiin tumameen paartileen siyaasaa fi qaamoleen hawaasaa deeggartoota kaadhimamaa tokkoo ta'an loogii tokko malee saba-himaalee kanneenitti fayyadamuuf mirga guutuu qabu; kaadhimamtoonnis yeroo walabaa saba-himaalee mootummaa argachuudhaan itti fayyadamuuf mirga qabu.

Hogganaan mootummaa dhimmi haala itti-fayyadama saba-himaalee mootummaa ilaallatu boordicha waliin ta'uudhaan paartileen siyaasaa akka beekan gochuun yaada erga itti kennanii booda akkaataa qoqqoodinsa yeroo qilleensaa baasaniin adeemsifama. Dabalataanis, hoggantoonni qaamolee mootummaa sadarkaa kamittuu argaman sochiiwwan dorgommii filannoo akka milkaa'u gochuuf buufataalee raadiyoo, galma walga'ii, gaazexaawwanii fi kanneen kana fakkaatan, kan hoggansa isaanii jalatti argaman kaadhimamtoonni fi deeggartoonni isaanii loogii tokko malee akka itti fayyadamuu danda'an haala mijeessuuf dirqama akka qaban seera filannoo keessatti tumameera.

#### **4.7.Wa'ee Kenniinsa Sagalee**

Adeemsi kenniinsa sagalee buufataalee filannoo hundatti guyyaa boordichi murteessu walfaana eegalama. Ta'us garuu haalli dirqisiisaa ta'e wayita mudate buufataaleen filannoo dhimmisaa ilaallatu hojii isaanii guyyaa biraa akka eegalan boordichi murteessuu akka danda'u seera filannichaatiin tumameera.

Hojiin kenniinsa sagalee, bakka-buutonna paartilee siyaasaa fi kaadhimamtoota dhuunfaa, miseensonni koree dhageettii komii, raawwachiiftonni filannoo fi qindeessitoonni naamusa filannoo bakka argamanitti; akkasumas, dura-taa'aan buufata filannichaa korojoon kenniinsa sagalee duwwaa ta'uusaa agarsiisuun korojoon suni cuftuu qophaa'een cuqqalamee taajjabdoota fuulduratti, bakka ifaan ifatti mul'atuu fi dhiyeenyarra erga kaawwame/rarraafameen booda haala ittiin jalqabamu qaboo yaa'ii qabachuudhaan uunkaa boordichi dhimmuma kanaaf qopheesse irratti erga guutameen booda eegalama. Buufataaleen filannoo guyyaan kenniinsa sagalee osoo hin ga'in eegumsi nageenyaa cimaan taasifameefii qophaa'uu qabu.

Boordichi haala adda ta'een hanga hin murteessinetti sa'aatiin kenniinsa sagalee subii barii sa'aatii 12:00 irraa eegalee hanga galgala sa'aatii 12:00 tti adeemsifama. Boordichi haala adda ta'een sa'aatii kenniinsa sagalee murteessera yoo ta'e, sa'aatii kenniinsa sagalee haala adda ta'een murtaa'e kana yoo xiqqaate guyyoota lamaan dura uummanni ifaan ifatti akka beeku taasifama. Yeroon kenniinsa sagalee yoo dhumate buufatni filannichaa ni cufama. Haaluma kanaan, filattoonni mooraa buufata filannoo keessa seenuun sagalee kennuuf eeggachaa jiran sagalee kennuu qabu; haata'u malee, boordichi walabummaa fi haqummaa filannichaa

caalmatti ni dhugoomsa jedhee yoo itti amane, sa'aatii kenniinsa sagalee dheeressuu ni danda'a.

Buufataaleen filannoo, kenniinsa sagaleetiif osoo hin banaminis ta'ee sagaleen kennamee xumuramee erga cufameen booda, qaamolee filannoo raawwachiisaniin, miseensota koree dhageettii komii uummata keessaa filataman, bakka-bu'oota kaadhimamtootaa fi taajjabdoota filannoo heeyyamameefiin alatti, namni kamiyyuu gara buufata filannootti seenuu hin danda'u.

### **Ulaagaalee kenniinsa sagalee ilaalchisee kanneen armaan gadii kunniin seera filannootiin tumamaniiru:**

1. Filataan kamiyyuu qaamaan argamuudhaan walabummaa guutuudhaan sagalee kenna.
2. Tokkoo tokkoon filataa sagalee kennuu kan danda'u si'a tokko qofadha.
3. Filataan kamiyyuu sagalee kennuu kan danda'u buufata filannoo akka filataatti keessatti galmaa'etti qofa yoo ta'u:
  - a. Kaardii eenyummaa filataa yoo qabaate,
  - b. Galmee filattootaa irratti maqaan isaa barreeffamee yoo jiraatee fi,
  - c. Sagalee kan hin kennine ta'uun isaa yoo mirkanaa'e qofadha.

### **Adeemsa Kenniinsa Sagalee**

1. Tokkoo tokkoon filataa waraqaa eenyummaa filataa isaa raawwachiiftota filannoo buufata filannichaatti erga kennee booda, raawwachiiftonni filannoo eenyummaa filataa sanii akkaataa ragaa jiruutiin adda baafatu.
2. Eenyummaan filatichaa erga adda bayee duraan kan hin filanne ta'uun isaa mirkanaa'een booda galmee filattootaa irratti bakka mallattoof qophaa'e irratti akka mallatteessu taasifama.
3. Filatichi galmee qophaa'e irratti erga mallatteessee booda, qeensa quba guddaa isaa irratti halluu irraa baduu hin dandeenye akka dibatu taasifamee waraqaan kenniinsa sagalee kennameefii gara kutaa icciitiidhaan sagalee itti kennan seena. Nama quba harkaa hin qabne yoo ta'e, raawwachiiftonni filannoo namni kuni kan hin filanne ta'uusaa erga adda baasaniin booda akka filatu taasifama.
4. Filatichi kutaa icciitiidhaan keessatti sagalee kennan ennaa filatu mallattoon addaa kaadhimamaa filachuu barbaadee bakka itti argamu biratti rog-arfee jiru keessatti mallattoo "X" taasisa ykn mallattoo hin shakkisiifne biroo yoo taasisee ykn ashaaraa qubaatiin erga mallattoo itti taasisee booda waraqaa kenniinsa sagalee dadachaasee taajjabdoota fuulduratti korojoo bakka ifaan ifatti mul'atu kaawwamee jiru keessa kaa'a.
5. Filattoonni dubbisuu fi barreessuu hin dandeenye quba harka isaanii keessaa isa tokkoon halluu kanumaaf qophaa'e cuuphanii rog-arfee kallattii kaadhimamaa filachuu barbaadani maddii jiru irratti ashaaraa isaaniitiin erga mallattoo taasisanii booda waraqaa filannichaa dadachaasani korojoo keessa buusu.
6. Filatichi waraqaa kenniinsa sagalee kennameef sirnaan osoo itti hin fayyadamin yoo hafe ykn yoo jalaa bade ta'e bakka isaa waraqaa biraa fudhachuudhaan sagalee kennuu ni danda'a.

7. Dura-taa'aan buufata filannichaa waraqaa kenniinsa sagalee babbadee akka deebi'u taasifame mallattoo addaa ykn "Kan faayidaan-ala ta'e" kan jedhu dugda-duubaan itti barreessuun saanduqa kanumaaf qophaa'e keessa kaa'a.

Wayita kenniinsa sagalee waraqaa filannoo irratti mallattoo gochuu fi waraqaa mallattoo irratti taasisan korojoo keessa buusuuf filataan deeggarsi isa barbaachisu kamiyyuu nama isa gargaaru kamiyyuu ofiin murteeffachuuf mirga qaba; haata'u malee, namni deeggarsa barbaadu kan filate kuni nama umuriin isaa waggaa 18 fi isaa olii ta'ee kaadhimamaa ykn bakka-bu'aa kaadhimamaa ta'uu hin qabu.

Guyyaa filannichaa sagalee kennuun erga eegalamee booda addaan cituu ykn dhaabbachuu hin qabu. Haata'u malee, adeemsi sagalee kennuu yeroo muraasaaf illee taanaan yoo addaan cite ykn dhaabbate, haalicha deebisanii sirreessuuf raawwachiiftonni filannichaa yoo itti amanani haala uumame qaboo-yaa'ii qabachuun battalumatti kenniinsi sagalee itti fufuu ni danda'a. Karaa biraatiin, haalli kenniinsi sagalee itti addaan cite, humnaa-ol ta'ee, haalichi qaboo-yaa'iin qabamee, adeemsi kenniinsa sagalee bakkuma jirutti akka dhaabbatu taasifamuun haalli waliigalaa mana galmee naannoo filannichaatiif gabaafama. Adeemsi kenniinsa sagalee haala kanaan addaan cite akkaataa boordichi murteessuun guyyaa biraa adeemsifama.

Mormii adeemsa kenniinsa sagalee keessatti uumamu ilaalchisee, filataan sagalee kennuurra jiru waraqaa kenniinsa sagalee isaa osoo hin kennin dursa, bakka-bu'aan kaadhimamaa namni adeemsa kenniinsa sagaleerra jiru kuni, "Mirga filachuu kan hin qabnedha ykn buufata filannichaatti filachuudhaaf hin galmoofne" jechuun mormii irratti dhiyeessuu ni danda'a. Haata'u malee, haalichi hanga qulqullaa'utti koreen dhageettii komii buufata filannichaa filataa mormiin irratti dhiyaate yeroodhaaf sagalee akka kennu murteessuu ni danda'a.

Haaluma walfakkaatuun, filataan tokko waraqaa kenniinsa sagalee yoo dhorkame ofii isaatiin ykn bakka-bu'oota kaadhimamtootaa keessaa namni tokko mormii dhiyeessuu ni danda'a. Bakka-bu'aan kaadhimamaa ykn filataan tokko qabxiilee mormii olitti ibsamaniin ala raawwachiiftota filannootiin, bakka-bu'aan kaadhimamaa ykn nama biroo kamiinuu, "Buufata filannoo keessatti gochi sirrii hin taane uumameera" jedhee mormii dhiyeessuu ni danda'a. Koreen dhageettii iyyannoo, iyyannoo olitti dhiyaate erga ilaaleen booda, qulqulleeffannaa barbaachisaa ta'e adeemsisee nama mormii dhiyeesseef murtoo kenname ifa taasisa.

## Wa'ee Waraqaa Kenniinsa Sagalee

1. Boordichi akaakuuwwan filannoo hundaaf waan filataan ifaan ifatti hubachuu danda'u, hanga danda'ametti waraqaa kenniinsa sagalee waliin-dhayamee fakkeeffamuu hin dandeenye qopheessa.
2. Boordichi waraqaa kenniinsa sagalee suuraan kaadhimamtootaa, maqaan isaanii guutuunii fi maqaan paartii siyaasaa isaan bakka bu'anii irratti maxxanfame qopheessuu ni danda'a.
3. Boordichi waraqaa kenniinsa sagalee qixa baay'ina lakkoofsa filattoota buufataalee filannootti galmaa'anii fi waraqaa muraasa of eeggannoodhaaf ta'u buufataalee filannootti ni erga.

4. Boordichii fi raawwachiiftonni filannoo sadarkaa sadarkaan jiran waraqaa kenniinsa sagaleetiif of eeggannoo cimaa fi eegumsa barbaachisaa ta'e gochuutu irraa eegama.
5. Sanadni filannoo kamiyyuu nama tokkorraa gara nama biraatti wayita darbu adeemsa wal-harkaa fuudhinsa seera-qabeessa ta'e eeggatee raawwatamuu qaba.

#### **4.8. Haala Lakkaawwii Sagalee fi Adeemsa Bu'aan Filannoo Ittiin Ibsamu**

Akkuma kenniinsa sagalee raawwateen lakkaawwiin sagalee kennamee eegalamuu qaba. Kana ilaalchisee seerri filannoo, sababa dirqisiisaa ta'een raawwachiiftonni filannoo buufata filannichaa naannoo filannichaaf gaaffii dhiyeessuun ennaa heeyyamame ykn raawwachiiftonni filannoo naannoo filannichaa murteesse lakkaawwiin sagalee mana galmee naannoo filannichaatti yoo adeemsifameen alatti, lakkaawwiin sagalee filannoo adeemsifamee kamiyyuu kan taasifamu buufata filannoo sagaleen keessatti kennametti jechuun tumameera. Sababa dirqisiisaa uumameen, lakkaawwiin sagalee mana galmee naannoo filannichaatti kan adeemsifamu yoo ta'e, lakkaawwiin kuni adeemsifamuu kan qabu miseensonni koree dhageettii komii buufata filannichaa, bakka-buutonni kaadhimamtootaa fi taajjabdoonni bakka argamanitti ta'a.

Lakkaawwiin sagalee osoo hin eegalamiin saamsaan korojoo sagaleen keessatti kennamuu kan hin banamnee fi sagaleen kennamuu osoo hin eegalamin haaluma cuqqalameen turuusaa, korojoo kuni kan hin tarsaanee fi miidhamni addaa irra hin geenye ta'uusaa bakka-buutonni kaadhimamtootaa fi taajjabdoonni mirkaneessuu isaanii fi qaboon yaa'ii erga qabamee booda cuftuu banuudhaan waraqaa sagaleen ittiin kenname hunda gadi jigsu; korojoo duwwaatti hafuusaas ni mirkaneeffatu. Dura-taa'aan buufata filannichaa lakkaawwii sagalee eegaluuf bakka-buutonni kaadhimamtootaa fi taajjabdoonni akka argaman gochuun baay'ina filannoota guyyaa sana sagalee kennanii, baay'ina waraqaa sagalee kenniinsaa miidhamuun hojiin-ala ta'anii fi kanneen hojiirra hin oolin ni galmeessu.

Itti aansuun, tokkoo tokkoo kaadhimamtootaatiif waraqaawwan sagaleen ittiin kenname adda baafamanii lakkaawwamu. Filannoon kan adeemsifame mana maree adda addaatiif yoo ta'e, jalqaba: waraqaan sagalee mana maree adda addaatiif ittiin kenname erga adda baafamee booda, akkaataa keeyyata xiqqaa 3 tiin, sagaleen mana maree isa tokkoo lakkaawwamee akkuma dhumeen kan mana maree biroo itti fufuun lakkaawwama. Adeemsi lakkaawwii sagalee murtoo boordichaatiin yoo ta'een alatti adda cituu ykn dhaabachuu hin danda'u. Ta'us garuu lakkaawwii sagalee eegaluuf ifa ga'aan yoo hin jiraanne bakka-buutonni kaadhimamtootaa, miseensonni koree dhageettii komii uummata keessaa filatamanii fi dura-taa'aan buufata filannoo haala uumame kana ibsuudhaan qaboo-yaa'ii qabatanii mallatteessu. Wayita kuni ta'u, waraqaawwan kenniinsa sagalee eegumsa barbaachisaa ta'e hunda akka argatu gochuun nageenyi isaanii bakka mirkanaa'etti akka bulu taasifama. Adeemsi lakkaawwii sagalee addaan cite guyyaa itti aanutti akkam illee yoo ture ganama keessaa sa'aatii 1:00 irraa eegaluun adeemsifamuu qaba.

#### **Wayita Kenniinsa Sagalee Waraqaawwan Sagaleen Ittiin Kenname:**

1. Maqaan eenyummaa filataa kan irratti barreeffame yoo ta'e,

2. Baay'ina filattootaatii ol mallattoon irratti taasifamee yoo argame,
3. Mallattoon kan irratti hin taasifamne yoo ta'e,
4. Filatichi eenyu akka filate adda baasuuf kan nama rakkisu yoo ta'e,
5. Waraqaa kenniinsa sagalee seera qabeessaan-ala ykn waraqaa kenniinsa sagalee buufata filannichaatti raabsamaniin ala kan biraa yoo argame gati-dhabeessa ta'a. Kanneen keessaa sababa tokkoon waraqaawwan gati-dhabeessa ta'an dugda-duuba irratti barreeffamni "Kufaa" jedhu irratti barreeffamuun kophaa isaanitti lakkaawwamanii cuqqalamuu qabu.

Lakkaawwiin sagalee akkuma raawwateen, bakka-buutonni fi taajjabdoonni wa'ee adeemsa kenniinsa sagalee fi lakkaawwii sagalee sirrii ta'uu fi ta'uu dhabuusaa, namni komii qabu komiisaa akka galmeessifatu taasifamuun qaboon-yaa'ii qabamee, qaamoleen mallatteessuu qaban mallatteessanii fi guca barbaachisaa ta'e hunda guutuun mallatteessanii sanadoota mara cuqqaalanii gara buufata filannootti ergu.

Lakkaawwiin bu'aa filannoo buufata filannootti taasifamu goolabamee sa'aatii tokko keessatti, gabatee beeksisaa buufata filannichaa irratti maxxanfamee uummataaf ifa ta'uu qaba. Manni galmee naannoo filannichaa akkuma bu'aan filannichaa buufataalee filannootii funaannamee bira ga'een, kaadhimamtoonni ykn bakka-buutonni isaanii bakka argamanitti idaasisuudhaan bu'aa sagalee argame uummataaf ifoomsudhaanii fi mirkaneessa bu'aa filannichaa itti amanani kaadhimamtootaaf ykn bakka-bu'oota isaaniitiif kennuu; akkasumas, mana galmee boordichaatii fi mana galmee dameewwanii sadarkaa sadarkaan jirani bira akka ga'u gochuutu irraa eegama.

**Haala ibsa lakkaawwii bu'aa filannoo waliigalaa ilaalchisee seerri filannichaa (keeyyata 61) keessatti kanneen armaan gadii tumamaniiru:**

1. Bu'aan filannoo buufata filannichaatti taasifame goolabamee sa'aatii tokko keessatti gabatee beeksisaa buufata filannichaa irratti maxxanfamuun uummataaf ifaan ifatti ibsama.
2. Manni galmee naannoo filannoo, bu'aan filannoo bakka-bu'oota uummataa fi bu'aan filannoo mana maree naannolee, buufataalee filannoo irraa akkuma isaan bira ga'een dorgomtoonni ykn bakka-buutonni isaanii bakka jiranitti idaasisuun bu'aa argame uummataaf ifoomsu.
3. Kaadhimamtoonni dorgoman, sababa sagalee walqixa ta'e argataniif nama mo'ate adda baasuun rakkisaa ta'ee yoo argame, dorgomtoonni sagalee walqixa ta'e argatan qofti adda baafamuun yeroo boordichi murteessetti filannoon irra deebi'amee akka adeemsifamu taasifama.
4. Itti-gaafatamtoonni buufataalee filannoo, bu'aa filannoo akkaataa armaan olitti lakk. 2 jalatti ibsameetiin ifa taasisan:
  - a. Dorgomtootaaf ykn bakka-buutota isaaniitiif mirkaneessa bu'aa filannoo ni kennu;
  - b. Guca bu'aan filannoo ittiin ibsamu guutuudhaan garagalcha gucichaa fuula tokko mana galmee boordichaatiif; akkasumas, mana galmee dameewwan filannoo sadarkaa sadarkaan jiraniitiif ni ergu.

5. Boordichi bu'aan filannoo waliigalatti funaanamee naannolee filannoo hunda irraa hanga bira ga'utti, bu'aa filannoo miseensota bakka-bu'oota uummataa fi mana maree naannolee funaanamee naannolee filannoo irraa dhufeef gabatee beeksisaa boordichaa irratti maxxansuun yeroodhaaf ifa gochuu ni danda'a.
6. Adeemsi hojmaata keeyyata xiqqaa (2) jalatti armaan olitti eerame, bu'aa filannoo naannoo irrattis haala barbaachisaa ta'een hojiirra oola.

### **Ibsa Ifa Ta'e**

Adeemsi filannichaa erga raawwatee fi odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an erga funaanamanii, boordichi akkaataa gabatee yeroo ifoomseetiin ibsa qabxiilee armaan gaditti dhiyaatan of keessaa qabu ifa taasisa.

1. Baay'ina filattoota galmaa'anii,
2. Baay'ina filattoota sagalee kennanii,
3. Hanga baay'ina filattootaa sagalee kennanii fi osoo hin kennin hafanii dhibbeentaadhaan,
4. Tarreeffama maqaa kaadhimamtootaa filatamanii fi naannoo filannoo keessatti filatamanii,
5. Maqaa paartilee siyaasaa mo'atanii fi baay'ina teessoo mana maree adda addaa mo'atanii,
6. Waraqaa kenniinsa sagalee hojiirra oole, kan hojiirra hin oolin, kan faayidaan-ala ta'e; bu'aa sagalee tokkoo tokkoon kaadhimamaa buufataalee filannoo adda addaa keessatti argatee fi tarreeffama odeeffannoowwan biroo naannolee filannoo irraa akkuma dhufanii fi qindeeffamanii goolabamaniin ifa godhamu.



## Boqonnaa 5: Mirgaa fi Itti-gaafatamummaa Lammiilee Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti

### Kaayyoowwan Boqonnichaa:

Leenjitoonni leenjii boqonnaa kanaa hordofanii erga xumuranii:

- Lammileen Itoophiyaa ddimma filannoo keessatti mirga qaban ni tareesu
- Filannoowwan Itoophiyaa kessatti adeemsifaman kessatti kutaaleen ummaataa adda addaa hirmannaa qabachuu malan ni ibisu.

### Gocha 5.1: Marii Waliigalaa

**Leenjisa:** yaadota namoota dhuunfaa armaan gadii bareeffamaan dhiyeesuun yookan dubbisuun hirmaatotaaf kenuun mariin waliigala akka taasifamu taasisaa.

- a) **“Namni ittitole ni filata ! nuun eenyutuu nu yaadata’** daldaltuu gulitii Adde Warqee kaardii fudhaa jedhamanii innaa gafataman.
- b) **‘Ulfa ta’us filachuun qaba’** ulfa ji’a 8 kan taate Alamituun abba mana ishee **“nagaan hikkachuu malee filannoon maal keeti’** jedheniif deebii innaa laatu.
- c) **‘Buufanni filannoo hundaaf mijaa’a ta’uu qaba’** raawwachiistuu filannoo buufata filannoo fuuleetti riqichaa ce’umsaa hojachaa jiruf nama **‘ati fayyadamaa teessoo naana’u ( wheelchair) mit maaltuu si dhaamase’** jedheef deebii laatame.
- d) **‘Filannoo taajjabuun hirmaanaa ragasiisuun ni danda’ama’** ‘ taajjabduun tokko **‘filannoo kana keessatti atamiin himaata’** jedhamee inna gaafatamu.

### 5.1. Mirgoota Lammiilee Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti

Mirgi kuni, heera Itoophiyaa keeyyata 38(1)(a) jalatti, “Namni lammii Itoophiyaa ta’e kamiyyuu garaagarummaa tokko malee, kallattiidhaan bilisa ta’ee karaa bakka-bu’oota filateetiin dhimma bulchiinsa uummataa keessatti hirmaachuu mirga qaba,” jechuun seera tumame keessatti kan hammatamudha.

Kana jechuun, uummanni karaa bulchitoota filateetiin mirga ofiin of bulchu jechuudha. Kuni mirgadha. Kanaafuu, lammiileen filannoon mirgaanis ta’ee bitaan dhimma jiraachuu fi jiraachuu dhabuu ta’uusaa hubachuun gamtaadhaan ba’anii sagalee kennuu qofa osoo hin taane, filannoon sirrii fi amanamaa ta’ee akka adeemsifamu akkuma armaan gaditti arginu karaa adda addaatiin itti-gaafatamummaa dabalataa ba’achuutu isaanirra jiraata.

### Adeemsa Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti Mirgoonni Lammiilee Maal Fa'aadha?

Heerri Itoophiyaa, lammiileen biyyattii mirgoota adeemsa filannoo dimokiraatawaa keessatti qaban keeyyata 38 jalatti kaa’ee jira. Haaluma kanaan, mirgi inni jalqabaa fi ijoo, haala raawwii mirga filachuu fi filatamuu ilaalchisee; lammiileen Itoophiyaa kamiyyuu, bifaan, sanyiin, sabaan, sablammiin, koorniyaan, afaan dubbataniin, amantii hordofaniin, ilaalcha siyaasaa ykn ilaalcha birootiin ykn garaagarummaan ejjannoo biraa bu’uureffate irratti hin taasifamu kan jedhudha. Mirgi kuni lammiin Itoophiyaa tokko kutaa biyyattii kamiyyuu keessatti sababoota

armaan olitti tarreeffaman bu'uureffachuun loogiin osoo irratti hin taasifamiin mirga filachuu fi filatamuu akka qabu mirkaneessa.

Mirgi filachuu fi filatamuu heera Itoophiyaa keessatti tumame, filataan tokko paartii ykn kaadhimamaa filachuu barbaadu icciitiidhaan filachuuf mirga akka qabu mirkaneessa. Mirgi kuni, boordii filannoo Itoophiyaa fi (mootummaa) irratti dabalataan, filattooni icciitiidhaan sagalee kennuu akka danda'an haala qabatamaa naannoo fi qophina teekinikaa barbaachisan guutuuf dirqama qabu irra kaa'a.

## **5.2. Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti Hirmaannaa Lammiilee Filachuu fi Filatamuun Alatti**

Adeemsa filannoo dimokiraatawaa keessatti lammiileen akka filataa fi filatamaatti hirmaachuun alatti, dabalataanis waltajjiwwan keessatti hirmaatan hedduutu jiru. Kanneen keessaayis taajjabdummaa filannootti hirmaachuu fi raawwachiisummaa filannootti hirmaachuun isaan gurguddoodha.

### **Hirmaannaa Lammiileen Taajjabdummaa Filannoo Keessatti Taasisan**

Seeri filannoo Itoophiyaa taajjabdoota bakka lamatti qooduun kaa'a. Isaanis:

1. Taajjabdoota filannoo kanneen biyya keessaa fi
2. Taajjabdoota filannoo kanneen biyya alaati seenanidha.

**Taajjabdoota filannoo kanneen biyya keessaa kan jedhaman:** Waldaalee hawaasummaa biyya keessaa socho'aa jira yoo ta'an waldaleen hawwasummaa kun naamusa seeraan hunda'ee hordofuun boordichaa irraa heeyyama argateen adeemsa filannoo taajjabu ni danda'a. Dhaabbileen kunniinii fi namoonni dhuunfaa isaan bobbaasan, paartii siyaasaa ykn kaadhimamaa kamiifuu loogii kan hin goone ta'uu isaanii fi kanaafis dambii naamusaa taajjabii mirkaneessaa qaama kamirraayyuu walaba ta'uu isaanii agarsiisu ni mallatteessu.

**Taajjabdoonni filannoo biyya alarraa seenan:** Mootummoonni ykn dhaabbileen idil-addunyaa, dhaabbileen ardii fi kutaalee ardii; akkasumas, dhaabbileen miti-mootummaa biyya keessaas ta'ee biyya alaa sosocho'an, kanneen filannicha akka taajjaban offi isaanitiin gaafi dhiyeessan yookan mootumma Itoophiyaatin affeeramanii adeemssa filannoo taajjabanidha.

Gareen taajjabdoota filannoo lamaanuu, taajjabdoonni isaan hirmaachisan, gartummaa kamirraayyuu irraa walabaa fi eenyufuu kan hin loogne ta'uu qabu. Dabalataanis, leenjii fi qophina ga'aa itti-gaafatamummaa isaanii haalan ba'achuu isaan dandeessisu qabaachuu qabu. Haaluma kanaan, boordii filannoo, taajjabdoonni qophina ogummaa fi qophaa'ina ga'aa ta'e gochuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

Taajjabdoota filannoo kanneen biyya keessaa fi biyya alaati seenaniin alatti dabalataanis, paartileen siyaasaa fi dorgomtoonni dhuunfaa bakka-bu'oota offi isaanii kanneen naanna'uudhaan; akkasumas, dhaabbataadhaan bakka tokko taa'udhaan wayita filannoo adeemsa filannichaa isaaniif hordofan naannoo filannoo fi buufataalee filannoo achi jalatti

argamanitti ramadachuuf mirga qabu. Haala kanaan, lammiileen bakka-bu'oota paartilee siyaasaa fi dorgomtoota dhuunfaa ta'uun, filachuutti dabalatee, filannichi ulaagaa filannoo dimokiraatawaa akka guutu duukaa bu'uudhaan gumaacha olaanaa gochuu ni danda'u.

Lammiileen, adeemsa filannoo dimokiraatawaa keessatti sadarkaa adda addaatti raawwachiiftota filannoo ta'uudhaan buufata filannootti ykn naannoo filannootti ni hirmaatu. Lammiileen kunniin, dhaabbilee mootummaa ykn miti-mootummaa irraa filatamuu akka danda'an seera filannichaatiin tumameera. Namoonni raawwachiiftota filannoo ta'anii ramadaman, walaba kan ta'aniifi gartummaa siyaasaa irraa bilisa warra ta'an, miseensa mana maree kamiituu ta'uu akka hin qabne seera filannichaatiin tumameera. Kanaafuu, lammiileen itti-gaafatamummaa kana keessatti hirmaatan hojii kana haala milkaa'aa ta'een raawwachuu akka danda'an leenjiifi odeeffannoo ga'aa ta'e akka argatan taasifamuu qaba.

### **5.3. Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti Hirmaannaa Dubartootaa**

Dubartoonni seenaa fi aadaa biyya keenyaa keessatti ija gad-aantummaatiin ilaalamaa waan turaniif, dirreewwan siyaasaa, hawaasummaa fi diinagdee; akkasumas, dhaabbilee mootummaa fi dhuunfaa keessatti dhiirota waliin walbira qabnee yoo ilaallu duubatti hafaniiru. Garaagarummaa kana sirreessuun akka danda'amu fi dubartoonni siyaasa, hawaasummaafi diinagdee keessatti; akkasumas, dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa keessatti dhiirota waliin walqixa dorgomtootafi hirmaattota akka ta'an, fayyadamtoota xiyyeeffannoo addaa fi tarkaanfiiwwan deeggarsaa dabalataa ta'uuf mirga akka qaban heerri biyyattii ifatti kaa'ee jira.

Kanaafuu, seeronni mootummaa, imaammannii fi tarsiimoowwan, kallattiiwwan xiyyeeffannoo heera biyyaa armaan olitti eeraman raawwachuuf haala dandeessisuufi hirmaannaa dimokiraatawaa dubartootaa guddisuun haala danda'amuun bocamuu qabu. Fakkeenyaaf, paartileen siyaasaa iddoowwan itti-gaafatamummaa mootummaatiif kaadhimamtoota dorgomtootaa wayita dhiyeeffatan bakka-bu'iinsi dubartootaa ga'aa ta'e akka jiraatu dirqamni seeraa fi onnachiiftuun mootummaa irraa godhamu jiraachuu qaba. Gama kanaan, mootummaan akka paartileen deeggarsa baasii filannoo baay'ina kaadhimamtoota dubartootaa dhiyeessan irratti hundaaye ittiin argatan haala hojmaataa diriirsuun isaa tarkaanfii gaariidha. Paartileen siyaasaa, hoggantoota isaanii sadarkaa sadarkaan jiran wayita filatanis bakka-bu'iinsa koorniyaa akka qabaatan dhiibbaa seeraafi onnachiiftuu hojmaataa gochuu akka danda'an tumaan seeraa labsii lakk. 1162/2011 keessatti hammatameera.

### **5.4. Filannoo Dimokiraatawaa Keessatti Hirmaannaa Qaama-miidhamtootaa**

Namoonni qaama hawaasaa ta'an kun qaama hawaasaa biroo irraa haala addaatiin hiraannaa diimokrassii fi bakka bu'umaa akka argatan xiyyeefanoo addaa taasifamuu qaba. Kanaafuu qaamni haawaasaa kun haalan qoratamee leenjiin filatummaa kennamufii qaba. Filachuu fi filatamuu irratti akka hirmaatan karoorfame rawwachuu qaba.

Qaama-miidhamtoota ilaalchisee, konveenshini qama miidhamtoota idil-addunyaa Itoophiyaan mirkaneessite, qaama-miidhamtoonnis dirree siyaasaa keessatti gama bakka-bu'oota isaanii bilisummaadhaan isaan filataniitiin filachuu fi filatamuudhaan namoota biroo waliin haala walqixa ta'een akka hirmaatan gochuu akka qabu tumameera. Gama kanaan, mootummaan haalli hojmaata filannoo hirmaannaa qaama miidhamtoota, meeshaaleenii fi iddoowwan isaaniif barbaachisan qaama-miidhamtootaaf mijataa akka ta'u gochuu; wayita filannoo, sagalee isaanii walaba ta'anii icciitiidhaan haalli itti kennan mijachuu, qaama miidhamtoota wayita filannoo deeggarsa fedhan nama ofiif filataniin deeggaramuu mirga akka qabaatan gochuu, filatamanii carraa sadarkaa kamirrattiyyuu tajaajiluu akka qabaatan gochuu, deeggarsa teekinooloojii barbaachisoo ta'anii gochuu fi walumaagalatti qaama-miidhamtoonni loogii tokko malee namoota biroo waliin haala walqixa ta'een dhimmoota siyaasaa fi bulchiinsa uummataa keessatti akka hirmaatan gochuu fi jajjabeessuun akka irra jiraatu konveenshinicha keeyyata 29 jalatti tumameera.

Labsii filannoo lakk. 1162/2011 tiin, sirna murtoowwan jajjaboo konveenshinichaa armaan olitti eeraman keessatti raawwachuu danda'an diriirseera jechuun ni danda'ama. Labsichi, akaakuun miidhama qaama miidhamtoota galmee filattoota irratti akka ibsamu gochuu irraa eegalee baay'ina mallattoo deeggarsaa kaadhimamummaaf barbaachisu kan kaadhimamtoota biroorra kan xiqqaatu akka ta'udha. Wayita filannoo deeggarsa kan isaan barbaachisu yoo ta'u, nama ofiin filataniin akka deeggaraman, buufataaleen filannoo hanga danda'ametti qaama-miidhamtootaaf mijataa akka ta'utti qopheessuu; akkasumas, qaama-miidhamtoonni paartilee siyaasaa keessatti hirmaannaan taasisan akka ol ka'u, paartilee siyaasaa miseensummaadhaan, kaadhimamummaa fi gaggeessummaadhaan isaan hirmaachisaniif sirni hojmaataa onnachiisaa deeggarsa maallaqa dabalataa qabu diriireera.

Saboota, sablammootaa fi qaamolee hawaasaa lakkoofsaan muraasa ta'an ilaalchisee heerri Itoophiyaa mana maree bakka-bu'oota uummataa keessatti bakka-bu'ummaa akka qabaatan taasisera. Kunis, qaamoleen hawaasaa kunniin sadarkaa federaalaatti qaama seera baasu keessatti bakka-bu'iinsa akka qabaatan isaan taasisera.

## Boqonnaa 6: Adeemsa Filannoo Keessatti Dhaabbata Iyyannaa fi Falmiin Itti Gageeffamu fi Haala Itiin Keesummesamu

### Leenjitoonni leenjii boqonnaa kanaa haalan erga hordofanii booda:

- Galmaa’u filatootaa irraa calqabee hanga ibisa bu’aa filannoo kessatti sababoota adda addaatiin haala komiin paartiwwan dorgomtootaa fi qaadhimamtootaa itti hiikan ni ibisuu,
- Sababa adda addaatiin komiiwwan paariwwani fi qaadhimamtootaa hiiki irratti shoora laammileen qaban ni ibisu.

### Gocha 6.1: Marii Garee

**Leenjisa :** Hirmaatoota shan shaniin qooduun gareewwan ijaara. Kana booda gaafilee armaan gadii dhiyeesati irratti marii taasisun yaadni fuurmaataa akka dhiyaatu gaafadhaa.

- ✓ Galmaa’u filatootaa irraa calqabee yeroo qadhimamtoonni itti gamaan, adeemsa kenna sagalee, adeemsa lakkofsa sagalee fi ibisa bu’aa filanichaa irratti sababoota adda addaatiin paartiwwan dorgomtootaa fi qaadhi’mamtootaa irraa komiin ka’an haala kamiin hiikamu ?
- ✓ Komii hiiku irratti ga’een lammiwwanii maal ta’uu qaba?

**Leenjisa:** Qabxiwwan waliigalaan gareen tokkoo tokkoon irratti mari’atan bakka buutota isaanitiin akka dhiyeessan taasisuun hirmannon marii waligalaa yataasisan. Dhuma irrati yaada bareefama armaan gadii irratti hunada’un marii xumuraa.

Galmees filatootaa irraa eegalee, sababoota adda addaa irraa kan ka’e paartilee dorgomtootaa fi qaadhimamtootaan komiiwwan ka’uu ni danda’u. Fakkeenyaaf, sababa haasawan wayita sochiiwwan duula filannoo taasifamaniitiin paartilee fi deeggartoota jidduutti komii fi wal diddaawwan uumamuu ni danda’u. Deeggartoonni tokko tokko qaadhimamtootaa paartilee biroo, mallattoowwanii fi poosteroota isaanii yeroon itti jalaa balleessanis ni jira. Karaa biraatiin immoo, dorgomtootaa paartii siyaasaa isaaniitiif mirgoota seeraan heeyyamamaniif qaamolee mootummaa dhimmi isaa ilaallatuun osoo hojiirra hin oolin wayita hafan kunis madda komii ta’a. komiiwwan kun waan hafan mitti. Kanaafuu, wayita komiiwwan uumaman sirni komiiwwan kunniin ittiin furamaniifi akkaataan ittiin keessumsiiifaman dhaabbanni tokko ni barbaachisa jechuudha. Seerri filannoo Itoophiyaa sirna komiiwwan ittiin keessumsiiifamanii fi dhaabbilee komiiwwan kanneen furan akeekee jira. Isaanis kanatti aanudhaan dhiyaataniiru.

### 6.1. Komiiwwanii fi Waliigaltee Dhabina Innaa Filannoo Uumaman

Filannoon Itoophiyaa, galmeen paartilee siyaasaa fi naamusni filannoo labsii lakk. 1162/2011 tiin adeemsa galmees filatootaa irraa eegalee hanga ibsa ykn murtee bu’aa filannichaatti komiiwwanii fi iyyata dhiyaatan akkamittii fi eenyuun akka furaman tumameera. Seeri filanichaa komiiwwan dhiyaatan irratti waltajjiiwwan murtoowwan bulchiinsaa kennanii fi waltajjiiwwan bulchiinsaa kunniin murtoowwan kennaniin gareewwan mufatan immoo bifa

iiyannootiin manneen murtii idileetti dhiyaatanii haala ittiin ilaalamuu danda'an sirna diriirseera.

Waltajjiwwan bulchiinsaa furtuu komii ta'an buufataalee filannoo irraa eegaluun haaluma barbaachisaa ta'een hanga boordii filannichaatti kan jiru yoo ta'u, sadarkaa manneen murtiittis, mana murtii aanaa irraa eegalee hanga mana murtii waliigalaa federaalaatti sirni abbootiin dhimmaa ittiin keessumsiiifaman tumamuun seeraan diriireera.

Labsichi waltajjiwwan komiiwwan filannoo ittiin keessumsiiifaman olitti ka'aniin alattis komiiwwanii fi waldiddaawwan dabalataan ka'an marii fi waliigalteedhaan furuuf, boordiin filannoo biyyaalessaa waltajjiin waloo paartiilee siyaasaa sadarkaa sadarkaadhaan akka hundeeffamu deeggaruu fi qindeessu tumameera.

Dhaabbileen olitti ibsaman kunniinii fi hirmaattonni filannoo abbaa dhimmaa ta'uu danda'an qajeelfamootni hojiirra oolchuu qaban labsichaan murtaa'eera. Haaluma kanaan:

1. Qaamni akka murtoo kennuuf falmiiwwan ykn iyyatni dhiyaataniif, adeemsi filannoo walaba, haqa-qabeessa, dimokiraatawaa fi naga-qabeessa ta'uun akka itti fufu danda'u gochuuf, sagantaa yeroo filannoo bu'uura godhachuudhaan komii fi iyyata dhiyaate fudhachuun saffisaan murtoo kennuu qaba.
2. Iyyata kamiyyuu ta'ee iyyata kamirrattiyyuu murtoon kennamu kan barreeffame ta'uu qaba.
3. Qaamoleen iyyannoo keessummeessan iyyannoo isaaniif dhiyaatu isaan harka ga'uusaa raga guyyaa fi sa'aatii iyyatichi isaan harka itti ga'e agarsiisu kennuufii qabu.
4. Boordichi iyyata dhiyaataniif hojmaata battalumatti akka furmaata itti kennan gargaaru mana galmees filannoo sadarkaa sadarkaan argaman ni diriirsa.
5. Boordichi iyyata adeemsa filannoo keessatti dhiyaataniif irratti murtoo kennuuf kanneen gargaaran; dubbii ijoo, dhimmoota ragaa fi seeraa qulqulleessuun koree qulqulleessituu yaadni murtoo dhiyaatuuf dameewwan ogummaa adda addaa seera-qabeessa ta'an hundeesuu ni danda'a.
6. Boordichi ykn raawwachiiftonni filannoo sadarkaa sadarkaadhaan jiran iyyata dhiyaatan furuuf odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an akka dhiyeessan, nama dhimmi isaa ilaalu kamiyyuu ykn dhaabbilee mootummaa waamuu fi dhimma barbaachisaa ta'e qaaman argamee akka ibsa irratti kennu ykn akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a.
7. Boordichi qaama adeemsa filannichaa gufachiisu, yakka kamiyyuu raawwachuusaa ykn raawwachuurra jiraachuusaa yoo beeke ykn iyyanni ragaadhaan deeggarame yoo harka ga'e tarkaanfiin seera-qabeessa ta'e akka irratti fudhatamu dhimmicha gara qaama dhimmi ilaaluutti qajeelchun duukaa ni bu'a.
8. Akkaataa yeroo labsichaan kaawwameetiin namni iyyata isaa hin dhiyeeffanne kamiyyuu mirgi iyyannoo dhiyeeffachuu isaa darbiinsa yerootiin jalaa dhorkama.
9. Naannolee hunda keessattii fi sadarkaa federaalatti, manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran galmeen filattootaa osoo hin eegalin ji'a tokko dursee haaluma barbaachisaa ta'een dhaddacha dhimmoota filannoo ni hundeesuu.

10. Boordichi koree bulchiinsa abbootii murtii federaalaa ykn naannolee seera-qabeessa ta'e waliin bu'uura wal kabajuu irratti hundaa'uun dhaddachi filannoo akka hundeeffamanii fi abbootii murtii ga'aa ta'e akka qabaatan ni taasisu.
11. Boordichi manneen murtii waliigalaa federaalaa fi naannolee waliin wal tumsuun dhaddacha filannoo armaan olitti ibsaman irratti abbootii murtii ramadamaniif leenjii ga'aa akka argatan taasisa.

## **6.2. Sirnaa fi Dhaabbilee Komiiwwanii fi Iyyata Adeemsa Filannoo Keessatti Uumaman Furan**

Seeri filannoo Itoophiyaa adeemsa galmee filattootaa irraa eegalee hanga ibsa ykn murtee bu'aa filannichaatti komiiwwanii fi iyyata dhiyaatan akkamittii fi eenyuun akka furaman tumameera. Seeri filannoo kun komiiwwan dhiyaatan irratti waltajjiiwwan murtoowwan bulchiinsaa kennanii fi waltajjiiwwan bulchiinsaa kunniin murtoowwan kennaniin gareewwan mufatan immoo bifa iyyannootiin manneen murtii idileetti dhiyaatanii haala ittiin ilaalamuu danda'an sirna diriirseera.

Waltajjiiwwan bulchiinsaa furtuu komii ta'an buufataalee filannoo irraa eegaluun haaluma barbaachisaa ta'een hanga boordii gfilannichaatti kan jiru yoo ta'u, sadarkaa manneen murtiittis, mana murtii aanaa irraa eegalee hanga mana murtii waliigalaa federaalaatti sirni abbootiin dhimmaa ittiin keessumsiiifaman tumamuun seeraan diriireera. Labsichi waltajjiiwwan komiiwwan filannoo ittiin keessumsiiifaman olitti ka'aniin alattis komiiwwanii fi wal diddaawwan dabalataan ka'an marii fi waliigalteedhaan furuuf, boordii filannoo biyyaalessaa waltajjiin waloo paartiilee siyaasaa sadarkaa sadarkaadhaan akka hundeeffamu akka deeggaruu fi qindeessu tumameera

### **6.2.1. Falmiiwwan Adeemsa Galmee Filattootaa Irratti Ka'an**

Falmiiwwan adeemsa galmee filattootaatiin walqabatee ka'an furuu ilaalchisee seeri filannoo akka armaan gaditti tumamee jira:

1. Namni kamiyyuu akka hin filanne dhoowwameera yoo ta'e koree dhageettii komii buufata filannichaatiif iyyata isaa dhiyeeffachuun murtoo argachuuf mirga qaba.
2. "Namni mirga hin qabne ykn namni filachuuf galmaa'uu hin qabne seeraan-ala galmaa'eera jechuun namni ykn paartiin siyaasaa komii qabu komii isaa koree dhageettii komii buufata filannichaatti dhiyeeffachuun murtoo argachuuf mirga qaba.
3. Akkaataa lakk. 1 fi 2 jalatti armaan olitti ibsameen, yeroon itti komii dhiyeeffatan guyyaa galmee filattootaa irraa eegalee hanga yeroon galmee filattootaa uummataaf ifa itti ta'u xumaramutti ta'a.
4. Koreen dhageettii komii buufata filannichaa iyyata dhiyaateef sakatta'uun guyyoota shan keessatti murtoo isaa barreeffamaan kenna.
5. Armaan olitti lakk. 1 fi 2 jalatti iyyata dhiyaate, koreen dhageettii komii buufata filannichaa guyyoota shan keessatti murtoo hin kennine yoo ta'e qaamni iyyata

dhiyeeffate koree dhageettii komii naannoo filannichaatiif guyyoota shan keessatti ol-  
iyyannoo dhiyeeffachuudhaan murtoo argachuuf mirga qaba.

6. Koree dhageettii komii buufata filannichaatiin murtoo kenname mormuun iyyannoon  
koree dhageettii komii naannoo filannootiif dhiyaatu guyyaa murtoon kennamee  
eegalee guyyoota shanan itti aanan keessatti dhiyaachuu qaba.
7. Koreen dhageettii komii naannoo filannichaa komii dhiyaateef sakatta'uun guyyoota  
shan keessatti murtoo isaa barreeffamaan kenna.
8. Koreen dhageettii komii naannoo filannichaa guyyoota shan keessatti murtoo hin kennu  
taanan ykn qaamni komii dhiyeeffate murtoo kenname hin fudhanne taanan, dhimmichi  
manneen murtii federaalaa ykn naannootti qaamni aangoo dhimmicha ilaaluu qabu  
guyyoota shan keessatti akka ilaaluuf ol-iyyannoo dhiyeeffachuuf mirga qaba. Manni  
murtii ol-iyyannoon dhiyaateefis ol-iyyannoo dhiyaateef ilaalee ragaawwan  
barbaachisan dhiyeessisuun sakatta'ee murtoo itti kenna.
9. Koreen dhageettii komii buufata filannichaa akkaataa murtoo kennamuutiin manni  
galmee buufata filannichaa hojichi isaa ni raawwata.

#### **6.2.2, Falmiiwwan Adeemsa Galmee Kaadhimamtootaa Keessatti Ka'an**

Akkaataa falmiiwwan adeemsa galmee kaadhimamtootaa keessatti ka'anii ittiin furaman  
ilaalchisee, labsii lakk. 1162/2011, keeyyat ba153 jalatti qabxiileen armaan gadii tumamanii  
jiru:

1. Namni ykn paartiin siyaasaa kamiyyuu kaadhimummaadhaan galmaa'uu irraa  
dhorkameera yoo ta'e koree dhageettii komii naannoo filannichaatiif komii ofii  
dhiyeeffachuudhaan deebii argachuuf mirga qaba.
2. Namni kaadhimummaadhaan galmaa'e tokko kaadhimummaadhaan galmaa'uu hin  
qabu jechuun namni ykn paartiin siyaasaa tokko koree dhageettii komii naannoo  
filannichaatiif iyyannoo isaa dhiyeessuun murtoo argachuuf mirga qaba.
3. Iyyata akkaataa lakk. 1 fi 2 armaan oliitiin dhiyaatu yeroon itti dhiyaachuu qabu guyyaa  
galmee kaadhimamtootaa irraa eegalee hanga guyyaa kaadhimamtootni galmaa'an itti  
ifoomanitti ta'a.
4. Koreen dhageettii komii naannoo filannichaa iyyata dhiyaateef sakatta'uun guyyoota  
shan keessatti murtoo dabarse barreeffamaan kenna.
5. Akkaataa olitti tartiiba lakk. 4 jalatti ibsameen, kaadhimamaan paartii siyaasaa ykn  
kaadhimamaan dhuunfaa murtoo koree dhageettii komii naannoo filannichaatiin  
kenname yoo fudhachuu baate koree dhageettii komii mana galmee dameetti  
hundeeffamutti guyyoota torba keessatti komii ofii dhiyeeffachuu ni danda'a.
6. Koreen dhageettii komii mana galmee damee naannichaa walitti-qabummaa dura-  
taa'aa mana galmee sanaatiin hogganamu ta'ee akkaataa qajeelfamoota boordichi  
baasuutiin kan moggaafaman miseensota dabalataa lama ni qabaata.
7. Koreen dhageettii komii mana galmee damee naannichaa ol-iyyannoon ennaa  
dhiyaateef guyyoota torba keessatti barreeffamaan murtoo kenna.
8. Koreen dhageettii komii mana galmee damee naannichaa guyyoota torba keessatti  
murtoo hin kennine yoo ta'e ykn qaamni komii dhiyeeffate murtoo kenname hin



fudhanne yoo ta'e, mana murtii waliigalaa naannichaatiif ol-iiyannoo dhiyeeffachuuf mirga qaba; dhaddachi mana murtichaas ol-iiyannoo dhiyaateef irratti murtoo kennuuf ragaawwan barbaachisoo ta'an dhiyeessisuun sakatta'uudhaan guyyoota 15 keessatti murtoo ni kenna.

9. Koreen dhageettii komii mana galmee damee naannichaa akkaataa murtoo kennamuutiin naannoon filannichaa hojjiisaa ni raawwata.

### **6.2.3. Falmiiwwan Adeemsa Kenniinsa Sagalee Keessatti Ka'an**

Adeemsa kenniinsa sagalee keessatti falmiiwwan ka'an furuu ilaalchisee labsii lakk. 1162/2011, keeyyata 154 jalatti qabxiileen armaan gadii tumamaniiru:

1. Nama filachuuf galmaa'e tokko haalli filachuu irraa isa daangessu yoo uumame, komii isaa battalumatti koree dhageettii komii buufata filannichaatiif dhiyeessuun murtoo argachuu mirga qaba.
2. Koreen dhageettii komii buufata filannichaas:
  - a) Dhimmicha qulqulleessuun filataan akka sagalee isaa kennu murteessuu ni danda'a; ykn,
  - b) Yeroodhaaf sagalee akka kennu gochuudhaan dhimmicha gara mana galmee naannoo filannichaatti erguun murtoo akka argatu gochuu ni danda'a.
    - I. Akkaataa tartiiba lakk. 2 (a) jalatti dhiyaateen, filataan sagalee yeroof kenne koree dhageettii komii naannoo filannichaa ykn haaluma barbaachisaa ta'ee argameen mana murtii federaalaa/ naannoo aangoo dhimmicha ilaaluu qabuun murtoo mirga filachuu qabaachuusaa ibsu osoo ida'amuun sagalee hin xumuramin dura mana galmee naannoo filannichaatiif yoo hin dhiyeessine sagaleen yeroof kenne kufaa ta'a.
    - II. Qaamni murtoo koree dhageettii komii naannoo filannichaa fudhachuu dide, akkaataa armaan olitti tartiiba lakk. 2 (b) jalatti dhiyaateen, filataan yeroof sagalee kenne battalumatti komii qabu mana murtii federaalaa ykn naannoo kan aangoo dhimmicha ilaaluu qabutti dhiyeeffachuu nidanda'a; manni murtichaas hanga murteen kennamutti adeemsi sagalee ida'uu akka turu ajajuu ni danda'a.
    - III. Qaamni sagalee namni tokko kennu mormu akkaataa tumaa seeraa armaan olitti ibsameetiin iyyata ofii sadarkaa sadarkaan dhiyeeffachuu fi murtoo argachuu mirga qaba.

### **6.2.4. Adeemsa Sagalee Lakkaa'uu fi Bu'aa Filannichaa Irratti Wa'ee Falmiiwwan Ka'anii**

Adeemsa lakkaawwii sagalee fi bu'aa filannichaa irratti falmiiwwan ka'an haala ittiin furaman ilaalchisee labsii lakk. 1162/2011 irratti qabxiileen armaan gadii tumamaniiru:

1. Adeemsa lakkaawwii sagalee fi bu'aa filannichaa irratti kaadhimamaan paartii siyaasaa ykn kaadhimamaan dhuunfaa tokko koree dhageettii komii buufata filannichaatti battalumaa dhiyeeffachuun murteessisuun ni danda'a. Murtee koree Sanaa hin fudhanne yoo ta'e iyyata ofii guyyoota lama keessatti koree dhageettii komii naannoo filannichaatiif dhiyeessuu ni danda'a.

2. Koreen dhageettii komii naannoo filannichaa akkaataa armaan olitti tartiiba lakk. 1 jalatti dhiyaateen iyyata dhiyaate sakatta'ee guyyoota lama keessatti barreeffamaan murtoo kenna.
3. Murtoo akkaataa armaan olitti tartiiba lakk. 2 jalatti dhiyaateen kenname irratti qaamni komii qabu murtoon kennamee guyyoota shan keessatti komii ofii boordichaaf dhiyeessuu ni danda'a. Boordichis komii dhiyaate sakatta'ee guyyoota 10 keessatti murtoo kenna.
4. Akkaataa armaan olitti tartiiba lakk. 3 jalatti dhiyaateen murtoo boordichaan kenname irratti qaamni komii qabu yoo jiraate murtoon kennamee guyyoota 10 keessatti mana murtii waliigalaa federaalaatiif komii qabu dhiyeessuu ni danda'a. Manni murtichaas ragaawwan komii dhiyaate irratti murtee kennuuf barbaachisan dhiyeessisee sakatta'uun murtoo kenna.
5. Manni murtii waliigalaa federaalaas komii akkaataa qabxiilee armaan olitti tartiiba lakk. 4 jalatti ka'amaniitin dhiyaateef turtii yeroo ji'a tokko hincaalle keessatti murtoo kenna.
6. Akkaataa qabxiilee tartiiba lakkofsota armaan olii jalatti dhiyaataniitiin adeemsa lakkaawwii sagalee fi bu'aa filannichaa irratti komii dhiyaate ykn ol-iyyannoon wayita ilaalamutti haaluma barbaachisaa ta'een koreen dhageettii komii buufata filannichaa, boordichi ykn manni murtii waliigalaa federaalaa bu'aa filannoo kan naannoo filannoo komiin irratti dhiyaatee akka hin ibsamne ajajuu ni danda'a.



**Initiative Africa**



Tel: +251 116 62 26 40/ 41  
Fax: +251 116 62 26 42  
Email: [info@initiatveafrica.net](mailto:info@initiatveafrica.net)  
web: [www.initiatveaftica.net](http://www.initiatveaftica.net)

© **Inisheetiiv Afikaan**  
**Bitootessa, 2013**